# KENNIINSA KOROORAA FI DHIIFAMA SIRREEFFAMTOOTA SEERAA NAANNOO OROMIYAA: SEERAA FI HOJMAATA*

***Geetaachoo Fayisaa****
***Abdusalaam Aabbee*****

***ABSTRACT***

*This article focuses on examining practical and legal aspect of parole and pardon granting in oromia regional state. It is found that the assessment of the inmate in rehabilitation center takes place only when the candidate served his 2/3 of penalty. Also poor documentation of inmate profile and Wrong assessment of 2/3 penalty have been observed. The cause of wrong assessment roots in judgments not identifying when the penalty began to be served. Additionally Most of behavioral assessment by rehabilitation center lack individuality of the inmate. Under selection process some times all inmate given the same evaluation while some other time a single inmate got two different evaluation. The very objective of parole is to ensure the rehabilitation through looking after the inmate within community before serving the whole sentence while Our court simply sign the warranty as to release of the inmate without setting the condition to be observed after release. Regarding pardon, it is found that the board is not dully established and functioning in regular basis as described in the pardon proclamation. The crime designated as ineligible is not identified based on research. The organizations of zonal committee for pardon are not in accordance with the proclamation. The time frame, in which selection of candidate for pardon undertakes, unable the inmate to file their complain dully. Like parole also, inmates are released by pardon without condition to be observed after release. It is recommended that the rehabilitation center has to modernize the assessment and documentation system of inmate profile. Also courts have to give due attention for parole procedure in implementing rules in criminal code. The pardon board needs to be organized with all necessary staff so that function properly in regular basis. The pardon proclamation or the directive has to be revised and properly address issue after release.*

**Key words:** *Courts Inmate Institution, Discretion, Pardon, Pardon Board, Parole*

---

*Barruun kun qorannoo Inistiitiyuutiin Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa bara 2010 gaggeessee ture irraa gabaabbatee kan dhiyaate dha.

**LL.B (Yunivarsiitii Hawaasaa), Kaadhimamaa LL.M (Yunivarsiitii Arsii), Qorataa Seeraa ILQSO; Teessoo imeelii: bariifeyisa@gmail.com.

***LL.B (Yunivarsiitii Haramayaa), Qorataa Seeraa ILQSO; Teessoo imeelii: ilhamabdu selam@gmail.com

## 1. SEENSA

Sirna haqa yakkaa keessatti adabbii murteessuu fi raawwachiisuun haala qabatamaa hawwaasummaa, siyaasaa fi diinagdee irratti hundaa'a. Akka waliigalaatti adabbii murteessuu fi raawwachiisuu keessatti yaadamoota lamatu jira. Tokkoffaan yaadama *ritribuutivizimii* jedhamu yoo ta'u, namoota yakka raawwatan adabuu fi adabbii kanas raawwachiisuu irratti kan xiyyeeffatu dha.[1] Kan lammataa immoo yaadama *yuutiliteriyanizim* jedhamu dha. Innis, yakkamtoota adabuun bu'aa inni hawaasa bal'aaf argamsiisu irratti hundaa'uu qaba yaada jedhu kan bu'uureffatu dha.[2] Yaadamni inni lammataan kun kanneen yakka raawwatan adabuu caalaa haromsanii hawwaasatti makuu irratti xiyyeeffata. Haaromsa namoota yakka raawwatanii yookiin sirreeffamtootaa keessatti tarkaanfiiwwan yookiin adabbiiwwan hidhaan alaa (non-custodial measures) baay'inaan hojiirra oolu. Tarkaanfiiwwan kanneen keessaa koroorrii (parole) fi dhiifamni (pardon) isaan ijoo dha. Koroorrii fi dhiifamni tarkaanfiiwwan hidhaan alaa murtiin adabbii erga kennamee booda hojiirra oolani dha.

Akka Itoophiyaattis ta'e akka Oromiyaatti koroorrii fi dhiifamni tarkaanfiiwwan sirna haqaa keessatti bal'inaan raawwatani dha. Koroorri bu'uura tumaalee seera yakkaa labsii lakk. 414/96 keessumattuu, keewwata 201-210'tti jiraniin qajeelfama. Dhiifamni immoo akka naannoo Oromiyaatti labsii lakk. 114/98 fi qajeelfamoota yeroo adda addaatti Boordii Dhiifamaan bahan bu'ureeffachuun kennama. Akka federaalaatti labsiin 840/2008 raawwatiinsa qaba.

Haa ta'u malee kenniinsaa fi bulchiinsa kororaa fi dhiifamaa keessatti hanqinoota hedduutu jira. Sirreeffamaan korooraan gadhiifamuuf ulaagaan waliigalaa ilaalamu, yommuu adabbiin itti murtaa'ee raawwatamaa turetti hojii yookiin amala isaatiin fooyya'uu isaa kan agarsiise, miidhaa qaqqabsiiseef akkaataa manni murtii itti murteesseen yookiin miidhamtoota waliin araaramee beenyaa kanfaluu isaaf kan ragaa dhiyeessee fi amallii fi haalli jireenyaa isaa gaarii ta'uu fi korooraan yoo gadi dhiifame bu'aa gaarii

[1] The Purpose of Criminal Punishment, https://www.sagepub.com/sites/default/files/upm-binaries/5144_Banks_II_Proof_Chapter_5.pdf <Accessed on 11/30/2017>.

[2] Joycelyn M. Pollock, The Philosophy and History of Prisons (Texas State University–San Marcos, 2005), FF4-5.

ni argamsiisa jedhamee kan itti amanamu ta'uu akka qabu tumaa seera yakkaa keenya kwt 202(1) irraa ni hubatama. Haa ta'u malee sirreeffamaan mana sirreessaa erga galeen booda akkaataa nama miidhame waliin walargee itti araaramu irratti haalli mijachuu dhabuun kenniinsa dhiifamaa fi korooraa waliin kan walsimatu miti. Qaamoleen gaaffii korooraa fi dhiifamaa dhaga'uun ajaja kennanis murtii kaayyoo barbaadame galmaan gahu kennuu hin danda'ani.

Manni sirreessaa sirreeffamaan simatee hubannoo laachuu irraa eegalee, ragaa qabatamaa irratti hundaa'uun fooyya'iinsa amala sirreeffamaa madaaluu fi loogii irraa bilisa ta'ee tajaajila korooraa fi dhiifamaa kennuu irratti hanqinootni jiru.

Boordiin dhiifamaa bu'uura labsii lakk. 114/98'tiin gurmaa'ee haala idilee ta'een tajaajila barbaachisu kennaa hin jiru. Keessumattuu, rakkoon qulqullina tajaajila calallii fi kenniinsa korooraa fi dhiifamaa keessatti akka mul'atu, sirreeffamtoota korooraaf qopheessuu fi erga gadhiifaman booda hordofuu irratti hanqinni jira. Kara biraan sirreeffamaan korooraa fi dhiifamaan erga gadhiifameen booda hordoffiin gaggeeffamu waan hin jirreef kaayyoon korooraa fi dhiifamaa galma ga'uu hin dandeenye.

Kanaaf barruun kun hojiin kenniinsa korooraa fi dhiifamaa haala kamiin raawwataa akka jiruu fi hanqinoota mul'atan addaa baasuu irratti xiyyeeffata. Keessumattuu, hojiin sirreeffamtoota korooraa fi dhiifamaaf qopheessuu irratti hojjetamu maal fakkatu; akkaataa calallii fi kenniinsa korooraa fi dhiifamaa, kenniinsa korooraa fi dhiifamaa booda hojiin sirreeffamaa hawaasatti makuu fi rawwii isaa hordofuu haala kamiin gaggeeffamaa akka jiruu fi hanqinoota mul'atan kan agarsiisuudha.

Hojimaataa fi hanqinoota bulchiinsa korooraa fi dhiifamaatiin walqabatee akka naannoo Oromiyaatti mul'atu hubachuuf daataan bifa afgaaffii, marii garee, sanadootaan (galmeewwan) funaanaman seerota fi hogbarruuwwan jiran faana xinxaalamaniiru. Bu'uura kanaan, afgaaffiin baay'inaan 149 ta'u, hoggantootaa fi ogeessota mana sirreessaa, mana murtii, biiroo fi waajjiraalee abbaa alangaa, boordii fi koree calallii dhiifamaa akkasumas, sirreeffamtoota waliin taasifamee jira. Manneen sirreessaa adda addaa keessatti mariin garee 10 sirreeffamtoota waliin gaggeeffameera. Mana murtii, mana sirreessaa fi biiroo haqaa (kana booda barreeffama kana keessatti abbaa alangaa waliigalaa

jedhamee kan caqamu) irraa galmeen 168 ta'an ilaalamaniiru. Kana amalees, bargaaffiin 143 ogeessota mana murtii, biiroo fi waajjiraalee haqaa, mana sirreessaa fi sirreeffamtoota irraa funaaname xinxaalamee jira. Daataan qoranichaaf oolan mala eddattoo kiyyeeffataa (purposive sampling)'tiin godinaalee Oromiyaa 10 fi aanota 14 irraa sassabame. Godinaalee fi aanoleen kunneenis: Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinee (Buraayyuu), Arsii Lixaa (Aanaa Shashamannee, Dodolaa), Jimmaa (Jimma, Aggaaroo),Gujii (Adoolaa, Nageellee Booranaa), Shawa Kibba Lixaa (Waliso), Iluu Abbaa Booraa (Mattuu, Aallee ), Shawaa Lixaa (Aanaa Ambo), Wallaggaa Lixaa (Gimbii), Baalee (Aanaa Sinaanaa) fi Harargee Lixaa (Aanaa Habroo) ti.

Barreeffamni kun kutaa saditti kan qoodame yoo ta'u, seensa kanatti aansuun kutaan lammaffaa hogbarruuwwan waa'ee korooraa fi dhiifamaa hubachiisan xinxaala. Kutaan sadaffaa keessatti immoo daataan barreeffamicha ilaalchisee funaaname xiinxala. Kutaa isa dhumaa fi afraffaa keessatti immoo yaada guduunfaa fi furmaataatu dhiyaata.

## 2. SAKATTA'A HOGBARRUUWWAN KOROORAA FI DHIIFAMAA

### 2.1. MAALUMMAA KOROORAA FI DHIIFAMAA

Koroorrii fi dhiifamni tarkaanfiiwwan hidhaan alaa murtiin booda hojiirra oolan keessaa kanneen beekamoo dha. Haaromsa sirreeffamtootaa keessatti hawaasa hirmaachisuu fi namoonni yakka raawwatan miira itti-gaafatamummaa akka horatan jajjabeessuuf taarkaanfiiwwan yookiin adabbiiwwan hidhaan alaa fayyadamuun dhimma xiyyeeffannoo argate ta'eera. Kanumaafis Gumiin Waliigalaa Dhaabbata Biyyoota Gamtoomanii (UN General Assembly) barbaachisummaa fi itti-fayyadama adabbiiwwan hidhaan alaa irratti murtoo dabarsee jira.[3] Adabiiwwan hidhaan alaa murtii qaamni aangoo qabu, nama yakka raawwachuun shakkame, himatame yookiin itti murtaa'e haalduree fi dirqama hidhaatiin ala jiran akka raawwatu ittiin taasifamu dha. Adabbiiwwan kunneen sadarkaawwan sirna bulchiinsa haqa yakkaa murtii duraa fi booda jiru keessatti hojiirraa ooluu danda'u.[4]

[3] United Nations Standard Minimum Rules for Non-custodial Measures (The Tokyo Rules), Adopted by General Assembly, Resolution No. 45/110, 1990.

[4] Commentary on the United Nations Standard Minimum Rules for Non-custodial Measures (the Tokyo Rules), F8.

Tarkaanfiiwwan akka hojii humnaa, adabbii daangessuu, miidhamaa fi yakkamaa walitti araarsuu, beenyaa kanfalchiisuu fi kanneen biroo akka fakkeenyaatti kaasuun ni danda'ama.

## 2.2. SEENAA FI MAALUMMAA KOROORAA

Jechi koroora 'parole' jedhu jecha Faransaay *'Parole d'Honnuer'* jedhu irraa akka dhufe ta'uu himama. Sirreeffamaan mana sirreessaatii bahee hawaasa keessatti seeraa fi duudhaa hawaasaa kabajuun jiraachuuf kan itti waadaa galu jechuu dha.[5] Faransaay bara 1830'ootaa jalqabdee yaadrimee haaldureedhan bilisoomsuu (conditional liberty) jedhu fayyadamuun sirreeffamtoota hawwaasatti makaa turte. Haal-dureen bilisoomsuun yakkamtootni to'annoo jalaa bahani bilisumma guutuu osoo hin qabaatiin to'annaa mana sirreessa jala haala ittiin turan kan agarsiisu dha.[6] Koroorri sagantaa haaroomsaa ta'ee yakkamaan adabbii itti murta'e keessaa hanga tokko mana sirreessaa keessatti erga raawwateen booda haal-dureedhaan mana sirreessaatii bahee hordoffii fi deeggarsa waliin hawaasatti akka makamu sirna dandeessisu dha. Ogeessi *Neeseer* jedhamu jecha koroora jedhu yeroo ibsu akkaataa sirreeffamaan adabbii manni murtii kenne hawaasa keessa turee itti raawwatu irratti waliigaltee dhaabbatni sirreessaa fi sirreeffamaan seeraa taasisanidha jechuun hiikeera.[7] Hiikkoowwan armaan olii irraa akka hubatamuu danda'u koroorri haala yakkamaan adabbii itti murtaa'e keessaa adabbii xiqqaa seeraan teechifame erga raawwateen booda haal-dureewwan teechifaman kabajuun yeroo adabbii hafee hawaasa keessatti dabarsuuf waada seenuu dha.

Koroorri yaadamawwan adda addaa kanneen akka yaaddama waligaltee (consent or contract theory), yaadama eegumsaa (custody theory) fi yaadama kennaa (privilege theory) irratti bu'ureeffata. Akka yaadama duraatti koroorri waliigaltee manni amala sirreessaa sirreeffamaa waliin raawwatu yommuu ta'u haal-duree yakkamaan hawaasa keessa turuun lammii seera kabaju akka ta'u haaloota biroo waliigaltee keessatti teechifaman kabajuuf dirqama seenu

[5] Raphael Tuhafeni Hamunyela, The Granting or Refusal of Parole in the Namibian Correctional Service (A Dissertation Submitted in Partial Fulfilment of the Requirements for the Degree of Bachelor of Laws (LLB) of the University of Namibia).
[6] Howard Abadinsky, Probation and Parole: Theory and Practice (7th ed.), F204.
[7] Francois Christiaan Marthinus Louw, The Parole Process from a South African Perspective, F14.

dha. Waliigaltee kanaan yakkamaan erga hidhaa gad-lakkifamee haalota kabajuuf waadaa seene yoo kabajuu baate deebi'ee mana hidhaa seenuu akka danda'u ni godhama.[8] Yaadamni lammaffaan immoo yakkamaan mana sirreessaatii erga bahee booda hanga yeroo murtaa'ee hordoffiin irratti kan gaggeeffamu ta'uu agarsiisa. Sirreeffamaan hawaasatti makamuun isaa qaamuma raawwii murtii adabbii waan ta'eef mirgoonni sirreeffamichaa ammas daanga'uu itti fufu. Kana jechuun sirreeffamaan korooraan bahe akka gariin hidhamaatti (quasi-prisoner) ilaalama.[9] Akka yaadama sadaffatti, namni adabbiin yakkaa itti murtaa'e mana sirreessaa keessaa bahuu kan danda'u adabbii erga xumuree booda qofa ta'us, haala addaatiin osoo yeroon hin gahiin gad-lakkifamuuf fooyya'iinsa amalaa fiduu isaa qaama haaromsa isaa hordofu amansiisuun irraa eegama kan jedhu qaba.[10] Haaluma walfakkaatuun koroorri yaadama sirreeffamtootni seeraa adeemsaan deeggarsii fi to'annoon dhiyeenyaan taasifamaafi hawaasa keessa tursiisuun, sirreeffamtoota lammilee seera kabajan taasisuu fi haaromsa isaaniif gahee olaanaa qaba yaada jedhu kan bu'uureffatee dha.

Haaldureewwaan sirreeffamaan korooraan gad-lakkifame akka kabaju barbaadamu akka haala isaatti dhiphachuu yookiin baldhachuu danda'us isaan bu'uuraa: seera kabajuu, dhugaatii fi baala sammuu hadoochan fayyadamuu irraa fagaachuu, miidhamtoota yakkaa waliin wal-quunamuu dhiisuu, hojii argachuu fi ogeessa hordoffii irratti taasisuun walitti dhufeenya jiru kabajuu fa'a dha.[11] Gama biraatiin, sirreeffamaa yeroon adabbii isaa osoo hin xumuramiin gad-lakkisuun hordoffii taasisaa jireenya hawaasaa akka baratu gochuu fi hawaasa immoo gocha yakkaa irraa eeguuf yaadameeti.[12]

Yaadamoonni kunneen Seera yakkaa biyya keenyaa keessattis haala wal-fakkaatuun ibsamaniiru. Sirreeffamaan korooraan gad-lakkifamuun dura adabbii itti kenname keessaa harka lama raawwachuu fi fooyya'iinsa amalaa fiduu isaa dhaabbata haaromsaa amansisuun irraa eegama.[13] Gama biraatiinis

---

[8] Howard Abadinsky, Olitti yaadannoo lak. 6[ffaa].
[9] Akkuma 8[ffaa].
[10] Akkuma 9[ffaa].
[11] Francois Christiaan, Olitti yaadannoo Lak 7[ffaa], F 204.
[12] Thamsanqa Elisha Nxumalo, Parole Supervision: A Penological Perspective (Submitted in Fulfilment of the Requirements for the Degree of Master of Arts, 1997), F30.
[13] Seera Yakkaa RDFI, Labsii Lak. 414/96, Kwt 202(3).

sirreeffaman erga korooraan gadi dhiifameen booda, hawaasa keessatti hordoffiin akka irratti taasifamu, akkasumas sochiin sirreeffamaa haala murtaa'een daangeffamuu akka danda'u ni akeeka. Kun immoo sirreeffamaan bilisummaa guutuu akka hin qabne beekee of-eeggannoon hawaasa keessa akka jiraatu taasisa.[14] Kana malees sirreeffamaan erga mana sirreessaa baheen booda haal-dureewwan teechifaman yoo kabajuu dhabe gara mana sirreessaatti deebi'ee adabbii isaa akka raawwatu tumamee jira.[15]

Itoophiyaatti seera yakkaa bara 1922 bahes ta'e seerota sanaan dura bahan keessatti xiyyeeffannoo guddaa kan argate namoota yakka raawwatan adabuu waan tureef, haaromsa sirreeffamtootaaf iddoo guddaa hin kennine.[16] Seenaa korooraa seera yakkaa biyya keenyaa yommuu ilaallu yeroo jalqabaatiif seera yakkaa bara 1949 bahe keessatti barreeffamee argama. Kunis sirreeffamaan fooyya'iinsa amalaa fiduun isaa yommu itti amanamu, miidhaa geessiseef hanga danda'uun beenyaa yoo kanfalee fi amalli isaa hawaasa keessatti gaarii akka ta'e eeruu dhaabbatni sirreessu dhiyeessuun manni murtii sirreeffamaan akka gad-lakkifamu ajajuu akka danda'u ni teechisa.[17] Haaluma wal-fakkaatuun seera yakkaa bara 1996 bahe keessattis sirreeffamaan yeroon adabbii isaa osoo hin xumuramiin korooraan gad-lakkifamuu akka danda'u teechisee jira.[18] Labsiin kun yeroo xiqqaa sirreeffamaan hidhamee turuu qabu ifa gochuun, iyyatni korooraa sirreeffamaanis dhiyaachuu akka danda'u teechisee jira.[19]

## 2.3.SEENAA FI MAALUMMAA DHIIFAMAA

Aangoon dhiifama gochuu yeroo jalqabatiif kan ibsame dhaloota Kiristoos dura jaarraa 18ffaa keessa seera Hamuuraabii keessatti dha.[20] Dhiifama gochuun aangoo mootichaa akka ta'eefii, namoota yakka raawwatan adabbii irraa salphisuu yookiin murtiiwwan adabbii balleesummaan wal-qabatanii

---

[14]Seera Yakkaa RDFI, Kwt 198,199, 206.
[15] Seera Yakkaa RDFI, Kwt 200(1).
[16] The Development of Criminal Law of Ethiopia, toora intarneet http://www. abyssinialaw. com irraa kan ilaalame, F3.
[17] Seera Yakka Itoophiyaa Bara 1949 Bahe, Kwt 207.
[18] Seera Yakkaa Itoophiyaa Bara 1996 Bahe, Kwt 201.
[19] Seera Yakkaa Itoophiyaa Bara 1996 Bahe, Kwt 201.
[20] Jody c. Baumgartner and Mark H. Mmorris, Presidential Pardon Unbound:A Comparative Look at Presidential Pardon, P4

jiran akka hafan taasisuu aangoo dandeessisu dha. Dhiifamni gocha qaamni raawwachiiftuun aangoo seeraan kennameef bu'uura godhachuun namoota yakka raawwatan adabbiin seerri teechise akka irratti hin raawwatamne yookiin akka irraa salphatu ittiin taasifamu dha. Dhiifamni kennaa mootummaan (pirezidaantiin) nama adabbiin itti murtaa'eef kennu malee dhimma akka mirgaatti gaafatamuu miti.[21] Adabbiin manni murtii seera qofa ilaaluun murteesse bu'aa hin barbaadamne yoo fidee fi adeemsa seera biraatiin furmaata argachuu hin dandeenye yoo ta'e, qaamni raawwachiistuu, keessumattuu Pirezidaantiin aangoo dhiifama gochuu seeraan kennameef fayyadamuun dogongora hanqina seeraatiin raawwatame sirreessuuf itti tajaajilama.[22]

Seenaa dhiifama seera biyya keenyaa yommuu ilaallu heera mootummaa bara 1923 bahe keessatti barreeffamee argama. Heericha kwt 16 jalatti mootiin biyyattii aangoo adabbiiwwan hir'isuu fi dhiifama gochuu akka qabaatu teechisee jira. Haaluma wal-fakkaatuun heera bara 1948 fooyya'ee bahe kwt 35 jalattis mootichi aangoo dhiifama gochuu akka qabaatu ibsa. Heera Rippablika Ummattoota Itoophiyaa bara 1979 bahe kwt 86 jalattis pirezidaantiin Ripaablikaa aangoo dhiifama gochuu akka qabaatu ni teechisa. Heera Dimokraatawaa Rippablika Federaalawaa Itoophiyaa bara 1987 bahe kwt 71 jalatti aangoon dhiifama gochuu kan pirezidaantii biyyattii akka ta'e teechisee jira. Heera mootummaa naannoo Oromiyaa keessattis pirezidaantiin bulchiinsa mootummaa Naannoo Oromiyaa sirreeffamtoota manneen sirreessaa naannoo keessa jiraniif dhiifama gochuu akka danda'u teechisee jira.[23] Haala addaatiin heerri mootummaa RDFI fi mootummaa Naannoo Oromiyaa hanga ta'e aangoo dhiifama pireezidaantii daangeessuuf yaalee jira. Jecha biraatiin heeronni kunniin yakkoota dhiifamni irratti taasifamuu hin dandeenye teechisanii jiru.[24] Kana malees akka nannoo Oromiyaatti

---

[21] Solomon A.M. Ekwenze, Presidential Pardon and Prerogative of Mercy: A Necessary National Soothing Balm For Social Justice.

[22] Akkuma 21[ffaa].

[23] Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Labsii Lak.49/94, Kwt 57(3).

[24] Heera Mootummaa RDFI, Kwt 28, Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa jalattis yakkoonni sanyii namaa balleessuu dhiifamni taasifamuuf akka hin dandeenye ibsamee jira.

qajeelfama calallii dhiifamaa keessatti yakkootni dhiifamni irratti hin taasifamne tarreeffamaniiru.[25]

Yadrimee dhiifamaa (pardon) fi baraarsaa (amnesty) adda baasuu irratti haanqinootni kan mul'atan waan ta'eef lamaan isaanii adda baasuun hubachuunis barbaachisaa dha. Baraarsi gocha mootummaan namoota yookiin garee yakka siyaasaa rawwataniif dhiifama itti taasisu dha.[26] Dhiifamni murtii adabbii booda kan taasifamu yoo ta'u, baraarsi garuu sadarkaa murtiin duratti taasifamuu danda'a. Seera yakkaa Itoophiyaa kwt 230 jalatti akkaataan kenniinsa baraarsaa ibsameera. Bu'aa balleessummaa irratti qaban ilaalchisee, baraarsi yakkichaa fi yoo adabbiin kenname, adabbichas guutummaatti kan haqu ta'a. Dhiifamni garuu, balleessummaa osoo hin taane, adabbii qofa kan hambisu dha. Labsiin dhiifamaa naannoo Oromiyaa dhifamaaf hiikkaa hin kennine. Labsiin dhiifamaa Federaalaa, dhiifamni adabbii kenname gutummaan yookiin gar-tokkeen akka hin raawwatamne taasisuu yookiin haalli raawwii isaa akka salphatu kan godhu dha jechuun hiikee jira.[27]

## 2.4. KAAYYOO KOROORAA FI DHIIFAMAA

Sirreeffamaa korooraan gadhiisuun hawaasatti makamee nagaan jiraachuu akka danda'u mirkaneessuufi. Imaammanni haqa yakkaa biyya keenyaatis kayyoowwan tarkaanfii hidhaan alaa sirreeffamaa haaromsuun hawwasatti makuu, nagaan jiraachuu akka danda'uu fi nageenyi hawwaasaas akka eegamu dandeessisuu akka ta'e ni ibsa.[28] Namootni yakka raawwatanii mana sirreessaa seenan carraan yeroon adabbii osoo hin xumuramiin korooraan bahuu jiraachuu yoo hubatan, fooyya'iinsa amalaa akka fidanii fi duudhaa hawaasa bal'aa akka kabajan kaka'uumsa waan ta'uuf nageenya hawwaasaa eegsisuu fi lammii gaarii horachuuf ni fayyada.[29] Gara biraan immoo, manneen

---

[25] Fakkeenyaaf, Qajeelfama Calallii Raawwii Dhiifama Sirreeffamtoota Seera Oromiyaa lak..5/2009 kwt 16 jalatti namootni murtii du'aatiin adabaman, yakka sanyii namaa balleessuun adabaman, namootni dhiifamaan erga bahanii booda yakka raawwatan, yakka dirqiin gudeeduu, butii, yakka malaamaltummaa fi godaansa seeraan alaa raawwatan dhiifama hin argatani.

[26] Blacks Law Dictionary, H.C 1992.

[27] Labsii Kenniinsaa fi Sirna Raawwii Dhiifamaa Mootummaa Federaala, Lab. Lak.840/2007, Kwt 2(1).

[28] Imaammata Haqa Yakkaa Itoophiyaa Bara 2003 Bahe, Kwt 5.3.

[29] Bronwyn Naylor and Johannes Schmidt, Do Prisoners Have a Right to Fairness before the Parole Board?,F1.

sirreessaa sirreeffamtootaan akka hin dhiphanne taasisuun baasiiwwaan mootummaan haaroomsa sirreeffamaatiif baasu hir'isuufis ni gargaara.[30] Kaayyoo dhiifamaa keessaa inni guddaan, hojiirra oolmaan seera yakkaa bu'aa hin barbaadamne yommuu uumu rakkoowwan mudatan sirreessuu dha. Dabalataan mootummaan nageenya hawaasa bal'aaf barbaachisaa yoo ta'e dhiifamatti fayyadama. Hojimaata sirna haqaa keessatti namni dogoggoraan murtiin adabbii yommuu itti murtaa'u, dhiifamni akka falaatti gargaara.[31] Kanaan wal-qabatee akka naannoo Oromiyattis namoonni raga sobaatiin kan itti murta'e ta'uun yoo mirkana'e akka dhiifamaan gad-lakkifamuu danda'an teechifamee jira.[32] Haalli kun hawaasni bal'aan sirna haqa biyyaa irratti amantaa akka hin dhabne taasiisuun akkasumas haqa jallate sirreessuuf akka furmaataatti kan tajaajilu dha.

Labsii dhiifamaa naannoo Oromiyaa irraa akka hubatamu, kaayyoon dhiifamaa sirreeffamtoota yakka dalaguu isaaniitti gaabbanii haarooman jireenya hawaasaatti makamanii lammii oomishaa akka ta'an taasisuun, fedhii hawaasa bal'aa, mootummaa fi sirreeffamtootaa eeguu dha.[33] Akkuma dhimma koroora sirreeffamtootni yeroon adabbii isaanii osoo hin gahiin carraa mana hidhaatii bahuu uuma waan ta'eef, sirreeffamtootni fooyya'iinsa amalaaf kaka'uumsa akka qabaatan ni taasisa. Kun immoo kaayyoo seerri dhiifamaa gama sirreeffamtootaan lammii oomisha akka ta'aniif qabu galmaan gahuu keessatti gahee ol'aana taphata.

[30] Bara 1867 Ameerikaa Ohio keessattii yommuu lak.oofsi sirreefamaa baay'atu sirreeffamtoota biraatii iddoon akka gad-lak.ifamuuf jecha sirreefamtootni haal-dureen akka bahan ni taasifama ture. Haaluma wal-fakkaatuun bara 1898 Varjiiniyaa keessattis seera sirreefamtootni adabbi hidhaa walak.aa ol-raawwatan akka boordiif iyyannoo dhiyeessanii gad-lak.ifamuu danda'an hayyamu hojii irra olchite. Haaluma wal-fakkaatuun naannoolee adda addaa Ameerika keessatti sirreeffamtoota korooraan gad-lak.isuun akka mala lak.oofsi sirreeffamtootaa itti too'atamuutti fayyadee jira.

[31] Solomon A.M. Ekwenze, Olitti yaadannoo lak.21, F4.

[32] Qajeelfama Calallii fi Raawwii Dhiifama Sirreefamtootaa Seeraa, Qaj. Lak.05/2009, Kwt 15(1).

[33] Imaammata Haqa Yakkaa Itoophiyaa, *Olitti yaadannoo 28*, Kwt 3.

## 2.5.QAJEELTOOWWAN RAAWWII KOROORAA FI DHIIFAMAA

Tarkaanfiiwwan hidhaan alaa hojiirra oolchuu keessatti yaadotni bu'uuraa xiyyeeffannoo argachuu qaban jiru. Qajeeltoowwan kunneenis waliigalteewwan idil-addunyaa keessumattuu, istaandaardiiwwan Dhaabbanni Mootummoota Gamtooman raawwii tarkaanfilee hidhaan alaa (non-custodial measures) irratti baase irraa kan dhufani dha. Koroorrii fi dhiifamni gosoota tarkaanfiiwwan hidhaan alaa keessaa kanneen ijoo waan ta'aniif qajeeltoowwan kunneen tarkaanfiiwwan kanaafis ni oolu.

Jalqabarratti,adabbiin hidhaa filannoo isa dhumaa ta'uu qaba. Waliigalteewwan idil-addunyaa hedduun qaamoleen sirna haqaa rakkoo hidhaan qaaqqabsiisu hubachuun akkaataa seerri hayyamuun adabbii hidhaan alaatiif dursa kennuu akka qaban ni akeeku.[34] Dabalataan adabbiin hidhaan alaa loogii sanyumaa, bifa, saala, umurii, afaan, amantaa, ilaalcha siyaasaa fi kanneen biroo wal fakkaatan irratti osoo hin bu'uureffatiin hojiirra ooluu qaba.[35] Adabbiiwwan kanneen hojiirra oolchuu keessatti murtii wal fakkaatu kennuun akkuma jirutti ta'ee, haalota bu'a-qabeessummaa adabbiiwwan kanaaf fayyadan hubachuun hojiirra oolchuun barbaachisaa dha. Dhimmoonni ilaalamuu qabanis: akaakuu fi cimina yakka raawwatamee, seenaa fi eenyummaa nama yakka raawwatee, hawaasaaf eegumsa gochuu fi adabbii hidhaa haala hin malleen fayyadamuu dha.[36] Hojiirra oolmaan adabbii hidhaan alaa mirgoota namoomaa nama yakka raawwatee akka hin miine, dursee seeraan kan ibsamee fi kan murtaa'e *(principle of legality)* ta'uu qaba.

Qaamoleen tarkaanfiiwwan kanneen hojiirra oolchuuf aangoon yookiin bakka bu'iinsi kennameefis aangoon isaanii ifatti ibsamuu qaba. Haaluma wal fakkaatuun adabbii hidhaan alaa hojiirraa oolchuuf namni yakka raawwate dhimma kana beekee, mirga isaa akka hin tuqne itti amanee fedhii isaan kan hirmaatu ta'uu qaba. Namni yakka raawwate adabbiin hidhaan alaa kun yoo kan irratti raawwatu ta'e maal akka argatuu fi maal akka dhabu dursee akka

---

[34] Fakeenyaaf, United Nations Standard Minimum Rules for the Administration of Juvenile Justice ("The Beijing Rules"), The UN Standard Minimum Rules for Non-custodial Measures (The Tokyo Rules); The "Kadoma Declaration on Community Service Orders in Africa (1997), "Kampala Declaration on Prison Conditions in Africa" (1996:2)

[35] The Tokyo Rules, Olitti yaadannoo 4.

[36] The Tokyo Rules, Olitti yaadannoo lak.34, Rule 2.3.

beeku gochuun barbaachisaadha. Hojiirra oolmaa adabiiwwan hidhaan alaa keessatti hirmaannaan hawwaasaa baay'ee murteessaa dha. Hojiirra oolmaan adabbii hidhaan alaa mirgaa fi bilisummaa sirreeffamaa akka hin miine giddu lixummaan qaamolee haqaa hanga danda'ametti gadi aanaa akka ta'uu fi nageenya hawaasaa qofa eegsisuu irratti kan xiyyeeffate ta'uu qaba. Akka waliigalaatti sirreeffamaan tarkaanfii hidhaan alaa kanneen akka korooraa fi dhiifamaatiin akka haaromu yommuu murtaa'u qajeeltoowwan kanneen ilaalcha keessa galchuun raawwachiisuun baay'ee barbaachisa.

## 2.6.QAAMOLEE BULCHIINSA KOROORAA FI DHIIFAMAA KEESSATTI GAHEE QABAN

Caaseffamni qaamolee tajaajila korooraa kennanii biyyaa biyaatti garaagarummaa qaba. Akka waliigalaatti tajaajilli Korooraa qaamolee hojii kanaaf qofaatti dhaabbatan, boordii yookiin komishinnii yookiin mana murtii (idilee yookiin addaa)'tiin hundeeffamaniin ta'a. Biyyoota hedduu keessatti tajaajilli korooraa qaama dhaabbata tajaajila tarkaanfiwwan hidhaan alaa raawwachiisuuf hundaa'uun (probation agencies) hojiirra oola. Biyyoota Awurooppaa hedduu keessatti qaamoleen tajaajila kana kennan mana sirreessaa waliin Ministeera Haqaa jalatti gurmaa'u. Naannolee biyya Jarman muraasa keessatti aangoon namoota adabbiin isaanii daangeeffame to'achuu kan abbaa alangaa yoo ta'u, hojiin sirreeffamtoota korooraan gadhiisuu fi to'achuu immoo kan mana murtiiti.[37] Biyyoota akka Ostiriyaa fi mootummaa naannoo *Baden-Württemberg* biyya Jarman keessatti tajaajilli tarkaanfiiwwan hidhaan alaa hojiirraa oolchuu dhaabbilee dhuunfaatiin raawwatama.[38]

Aangoon sirreeffamaa korooraa yookiin dhiifamaan gadi dhiisuu aangoo mana murtii moo aangoo qaama raawwachiiftuu ta'uu qaba dhimmi jedhu falmisiisaa dha.[39] Koroorri kan mana murtiin kennamuu fi kan boordii korooraan kennamu jedhamee iddoo lamatti qoodamuu danda'a. Biyyoota sirna adabbii murtaa'e qaban keessatti yeroo fi haala kenniinsa korooraa kan murteessu mana murtiiti. Biyyoota sirna adabbii hin murtoofneen fayyadaman keessatti immoo aangoo sirreeffamaa korooraan gadhiisuu kan qabu boordii

[37] Promoting Fair and Effective Criminal Justice on Probation: Models of Good Practice for Alternative to Prison (Penal Reform International, 2016), F17.
[38] Akkuma 37[ffaa], F19.
[39] Nicola Padfield, Who to Release? Parole, Fairness and Criminal Justice, 2007, F44.

korooraa ti.[40] Qaamoleen lamaan kunneen kenniinsaa fi hordoffii korooraa keessatti gahee guddaa taphatu.Yeroo ammaa biyyoota lixaa hedduu biratti dhimma korooraa bulchuu keessatti aangoon bal'aa kan qabu boordii korooraa ti.

Dhiifama ilaalchisee aangoon murteessummaa kan pirezidaantiiti. Kenniinsa dhiifamaa keessatti Ministeerri Haqaa yookiin Abbaan Alangaa muummichaa iyyata dhiifamaa calaluun yaada murtoo dhiyeessuun pirezidaantii ni gargaaru.[41] Haa ta'u malee sirni bulchiinsa dhiifamaa hanga kan korooraa kan gabbate miti.

Akka biyya keenyatti yoo ilaalle, kenniinsa korooraa keessatti manni murtii gahee olaanaa taphata.[42] Manni murtii iyyannoo korooraa sirreeffamaan yookiin mana amala sirreessaan dhiyaate qeebaluun ulaagaawwan seeraan taa'an faana madaalee sirreeffamaan akka korooraan gadidhiifamu ajaja kenna. Dabalataan manni murtii haal-duree sirreeffamaan yommuu korooraan gadhiifamu akka eegu mana amala sirreessaa fi qaamolee dhimmi ilaaluun qophaa'es qoratee ni mirkaneessa. Sirreeffamaan haal-duree teechifame kan hin kabajne yoo ta'e aangoon kooricha haquus mana murtiif kennameera.

Qaamni biraa kenniinsa korooraa keessatti aangoo qabu mana amala sirreessaati. Manni sirreessaa, sirreeffamaan jalqaba yommuu gara isaanii dhufu haala sirreeffamaa fi carraa inni fuulduratti korooraan gadhiifamuuf qabu irratti hubannoo kennuufii qaba. Turtii sirreeffamaan mana sirreessaa keessatti godhuunis, fooyya'iinsa amalaa fi gochaa sirreeffamaa sirnaan hodofuu, bu'uura seeraa fi qajeelfamaatiin koroorattii akka fayyadamus gahee isaa bahachuutu irraa eegama.[43] Sirreeffamtoota korooraan gadhiifamuu qabanis ulaagawwan teechifaman irratti hundaa'uun loogii malee mana murtiif dabarsuu qaba. Sirreeffamaa korooraan gadhiifaman hordofuu fi to'achuu irratti qaamoleen siivikii gahee akka qaban tumaalee seera yakkaa

[40] The Design and Objectives of Parole System, New South Wales Law Reform Commission, 2013, F16.

[41] Fakkeenyaaf, USAtti qaama Abbaa Alangaa muummicha biyyattii kan ta'e,'U.S. Department of Justice, Office of the Pardon Attorney' jedhamu tajaajila kana kenna.

[42] Seera Yakkaa Itoophiyaa RDFI, Kwt 112,113 fi 201(210).

[43] Seera Yakkaa Itoophiyaa RDFI, Kwt 202 fi 203 walirratti yoo dubbifamu.

irraa hubachuun ni danda'ama.[44] Qaamoleen kunneen haalduree sirreeffamaan korooraan gadhiifamu kabajuu qabu mana amala sirreessaa waliin ta'uun qopheessuu irraa eegalee sirreeffamaa haala kanaan gadhiifame, gorsuu, qajeelchuu, deeggaruu fi hordofuun gahee isaanii bahachuu danda'u.

Akkaataan caaseffama qaamolee fi adeemsi kenniinsa dhiifamaa hanga kan korooraa cimaa miti. Akkaataa caaseffama qaamolee kenniinsa dhiifamaa keessatti hirmaatanii fi gahee isaan taphatan ilaalchisee moodeeloota bebbeekamoo lamatu jira.[45] Modeelli tokkoffaan *'Presidential Model'* kan jedhamu, aangoo fi murteessummaan pirezidaantii olaantummaan kan itti calaqqisu dha. Akka moodeela kanaatti aangoon dhiifama gochuu guutumaan guutuutti kan pirezidaantii waan ta'eef pirezdaantichi haala barbaadeen fayyadamuu ni danda'a. Qaamoleen gaaffii dhiifamaa calalanis kanneen *biirokiraasii* irratti hundaa'uun muudamani dha. Fakkeenyaaf, akkaataa kenniinsa dhiifamaa Ameerikaa ilaaluun ni danda'ama. Moodeelli inni lammaffaan immoo '*Agency Model*' jedhama. Sirnootni moodeela kana fayyadaman aangoo dhiifama kennuu keessatti daangaa aangoo pirezidaantii hir'isuuf; kenniinsi dhiifamaa hirmaannaa qaamolee adda addaan akka ta'u; akkasumas, akkaataa kenniinsa dhiifamaa seera iftoomina qabuun akka qajeelfamu kanneen taasisanii dha. Moodeeluma kana jalattiyyuu caaseffama gara garaatu mul'ata. Kanneen aangoo dhiifama kennuu pirezidaantiin ala qaama biraaf (fakkeenyaaf, boordii dhiifamaaf) kennan jiru. Kanneen biroo immoo aangoo dhiifama kennuu pirezidaantiif dhiisuun, garuu iftoomina isaa eeguuf qaamoleen biroo akka hirmaatan godhu.

Akka biyya keenyaattis yoo ilaalee caaseffamni qaamolee kenniinsa dhiifamaa keessatti hirmaatanii fi kenniinsi dhiifamaa moodeela isa lammataa waliin kan walfakkaatu ta'uu ni hubatama. Heerri mootummaa yakkoota dhiifama hin kennisiisne caqasee jira.[46] Dabalataan, kenniinsi dhiifamaa iftoomina akka qabaatu seerri qajeelchu akka jiraatus heerichi ni akeeka. Kenniinsa dhiifamaa irratti qoodinsa aangoo federaalaa fi naannoo yoo ilaallu, pirezidaantiin Itoophiyaa sirreeffamtoota murtii manneen murtii federaalaatiin adabbiin

---

[44] Seera Yakkaa Itoophiyaa RDFI, Kwt.208.

[45] H. Abbie Erler, Executive Clemency or Bureaucratic Discretion? Two Models of the Pardon Process, (2007), 443.

[46] Heera Mootummaa RDFI, Kwt 28.

irratti darbeef dhiifama kan taasisan ta'uu heera mootummaa federaalaa kwt 71(7) fi labsii 840/2006 irraa ni hubatama. Murtii du'aa yookiin bu'uura heera mootummaa federaalaa kwt 78(2)'tiin bakka bu'iinsaan manneen murtii naannolee kennan irrattis aangoo dhiifama kennuu kan qabu pireezdaantii biyyoolessaati.

Gama biraatiin, pirezidaantiin bulchiinsa mootummaa naannoo Oromiyaa immoo bu'uura Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa kwt. 57(3) (i) fi labsii lak. 114/98'tiin sirreeffamtoota naannichaaf dhiifama gochuuf aangoo qabu. Sirreeffamtoota dhiifamni godhamuufii qabu qulqulleessuun yaada murtii pirezidaantiif kan dhiyeessu boordiin dhiifamaa ogeessota manneen hojii adda addaa irraa walitti babba'an irraa akka hundeeffamus labsiileen lachuu ni ibsu.

Labsiin dhiifamaa naannoo Oromiyaa, labsiin lak. 114/98 boordiin gaaffii dhiifamaa qulqulleessuun yaada murtoo pirezidaantiif dhiyeessu hundeeffamuu fi hojiilee hojjetu ibsuun ala, aangoon qajeelfama baasuu ifatti hin kennamneef. Qajeelfamoonni boordichi haga ammaa baasu tumaa labsichaa kwt. 6(4), *gaaffilee dhiifamaa haala saffisaa ta'een deebii kennuuf ulaagaa barbaachisaa ta'e baasee hojiirra oolcha* kan jedhu bu'ureeffateeti. Tumaan biraa ifatti aangoo qajeelfama baasuu boordiif kenne hin jiru. Haa ta'u malee yeroo ammaa yakkootaa fi sirreeffamtoota dhiifama argachuu qabanii fi hin qabne irratti boordiin qajeelfama baasaa jira. Boordichi dhiifama haalduree irratti hundaa'uun kenname, sirreeffamaan kan hin kabajne ta'uu yoo himanni irratti dhiyaate qoratee pirezidaantiidhaaf yaada murtii ni kenna. Qajeelfamni calallii fi kenniinsa dhiifamaa, namoota dhiifamaan bahan koreen calallii godinaa fi aanaa gara poolisii fi caasaa bulchiinsaa fi nageenya gandaatiin akka hordofu ni ibsa.[47]

Akka waliigalaatti seerotni korooraa fi dhiifama bulchuuf bahan (kan naannoos ta'e kan federaalaa) yommuu ilaalaman, xiyyeeffannoon isaanii akkaataa calallii fi kenniinsaa irratti akka ta'e ni hubatama. Sirreeffamaan bu'uura korooraa fi dhiifamaan haalduree waliin hawaasatti makamu hordofuu

[47] Qajeelfama Calallii, Qaj. Lak. 5/2008, Kwt 7 fi 9.

fi raawwachiisuu irratti sirni dandeessisu jiraachuunis dhimma xiyyeeffannoo barbaadu dha.

## 2.7. ULAAGAA KENNIINSA KOROORAA FI DHIIFAMAA

Sirreeffamaan adabbii itti murtaa'e keessaa 2/3$^{ffaa}$ kan raaawwate ta'uu (adabbii hidhaa umurii guutuu yoo ta'e waggaa digdama kan raawwate ta'uu), yeroo raawwii adabbii sirreeffamaan hojii fi amala isaatiin fooyya'iinsa kan agarsiise yoo ta'e, miidhaa geessiseef hanga danda'een beenyaa mana murtiin murtaa'e yookiin qaama miidhameen waliigalame yoo kanfalee fi amalli sirreeffamaa korooraan gadhiisuun bu'aa argamsiisa tilmaama jedhu kan deeggaru yoo ta'e Korooraan gadhiifamuu danda'a. Ulaagaawwan kunneen wal faana guutamuu qabu. Sirreeffamaa yakka amaleeffateef (persistent recidivist) koroorri akka hin kennamne tumichi ni ibsa.

Ulaagaa dhiifamaa hubachuuf heera mootummaa federaalaa fi naannoo Oromiyaa, labsii dhiifamaa federaalaa fi kan naannoo akkasumas qajeelfamoota boordiin dhiifamaa baasan ilaaluun barbaachisaa dha. Sirreeffamtootni bu'uura Heera mootummaa kwt 28 jalatti ibsameen yakkoota suukanneessaa sanyii namaa irratti raawwataman raawwachuun itti murtaa'e dhiifamni hin taasifamuuf. Kanneen irraa kan hafe sirreeffamtootni yakkoota biraa raawwatan akkaatuma aangoo seeraan ibsameen pirezidaantii naannoo yookiin biyyoolessaatiin dhiifamni taasifamuufi danda'a.

Qajeelfamni boordii dhiifamaa akka naannoo Oromiyaatti yeroo adda addaatti tumamu ulaagaawwan dhiifamaa fi sirreeffamtoota dhiifamni hin taasifamneef ni ibsu. Fakkeenyaaf qajeelfama dhiifamaa lakk.4/2008 keessatti sirreeffamtoota seeraa dhiifamni ilaallatuu fi hin ilaallanne, akkasumas qabxii kenniinsa dhiifamaa keessatti ilaalamuu qaban jechuun tumaaleen adda addaa ulaagaa dhiifamaan wal qabatan teechifamiiru.[48] Haaluma kanaan sirreeffamaan adabbii hidhaa umurii guutuu itti murtaa'e, waggaa 15, kan hidhaan baatii 6 hanga hidhaa cimaa waggaa 25 itti murtaa'e, 1/2$^{ffaa}$ yoo raawwate dhiifama argachuu danda'a.[49] Qajeelfamichi sirreeffamtoota ragaa sobaatiin adabaman, dubartoota daa'ima waliin mana sirreessaa galan, kanneen umuriin isaanii waggaa 55 ol ta'e, kanneen dhibee fayyuu hin

[48] Qajeelfama Dhiifamaa Naannoo Oromiyaa, Qaj. Lak.4/2008, Kwt 13-16.
[49] Qajeelfama Dhiifamaa Naannoo Oromiyaa, Qaj. Lak.4/2008, Kwt 14.

dandeenye kan akka HIV'n qabamaniif dhiifamni haala addaatiin godhamuufi malu ni teechisa.

Gara biraatiin, yakkoota ciccimoo fi xiyyeeffannoo argatan kanneen akka shororkeessummaa, yakkoota daa'immanii fi dubartoota irratti raawwataman, diinagdee fi bu'uura misoomaa irratti raawwataniin himatame sirreeffamaan adabame dhiifama akka hin arganne ni ibsa. Qajeelfamichi adabbii hidhaa waliin adabbiin maallaqaa kan murtaa'e yoo ta'e sirreeffamaan adabbii qarshii raawwatu malee dhiifama akka hin arganne tumee jira.[50]

## 2.8.SIRNA IYYANNOO FI KENNIINSAA KOROORAA FI DHIIFAMAA

Iyyatni korooraan gad-lakkifamuu sirreeffamaa dhuunfaan yookiin akkuma haala isaatti haalotni korooraan gad-lakkifamuuf barbaachisan guutaman jedhee yommuu amanutti dhaabbata amala sirreessuun mana murtiif dhiyaachuu danda'a.[51] Manni murtii erga iyyanni dhiyaateef haalota korooraan gad-lakkisuuf barbaachisan jedhamanii seera yakkaa kwt 202(1) jalatti tarreeffaman guutamu isaanii mirkaneeffatee sirreeffamaan yeroo yaaliin akka gad-lakkifamu ajaja. Sirreeffamaan yommuu korooraan gad-lakkifamee hawaasa keessa turu qajeelfamni amala inni hordofuu qabu akkaataa tumaa seeraa waliigalaa waa'ee adabamaa murtii adabbii fi raawwiin adabbii irraa daangeffameen kan qajeelfamu ta'uu seerri yakkaa keenya ni ibsa.[52]

Haaluma kanaan manni murtii sirreeffamaa yommuu korooraan gad-lakkisu qajeelfama amalaa, hordoffii fi eegumsa sirrii itti fakkaate ni murteessa. Qajeelfamni sirreeffamaan gad-lakkifame akka hordofu mana murtichaan kennamu umurii, carraa yakkaaf saaxilamuu, haala maatii isaa, hojii ogummaa akkasumas haala jireenya hawaasummaa bu'uura kan godhate ta'uu qaba.[53] Qajeelfamni kennamu kunis sirreeffamaan kun baruumsa ogummaa murtaa'e tokko akka baratu, iddoo murtaa'e tokko akka turu, hojjatu yookiin akka jiraatu taasisuu, namoota muraasa akka wal hin quunnamne taasisuu,

[50] Qajeelfama Dhiifamaa Naannoo Oromiyaa, Qaj. Lak.4/2008, Kwt 14(3).
[51] Seera Yakkaa RDFI, Kwt.203(2).
[52] Seera Yakkaa RDFI, Kwt.205.
[53] Seera Yakkaa RDFI, Kwt.205(1).

iddoowwan muraasa irraa daangeessuu, galii hojii isaa irraa argatu guutummaan yookiin gar-tokkeen maatiif yookiin nama isa bulchuuf akka kennu akkasumas qajeelfamoota biroo bu'aa argamsiisuu danda'an kan biroo murteessuu ni danda'a.[54] Kenniinsa korooraa keessatti miidhamaan yakkaa haalli itti hirmaatu seeraan ifatti hin tumamne.

Manni murtii yommuu sirreeffamaan akka gad-lakkifamu ajaju yeroon yaalii teechifame yeroo hangamiif akka turu ni murteessa.[55] Yeroon yaali manni murtii murteessu kun haala kamiinu waggaa lamaa gad kan hin taaneefi waggaa shan kan hin caalle ta'a. Yeroon turtii kun sirreeffama murtii umrii guutuuf yeroo waggaa shanii gad hin taaneefi waggaa torba kan hin caalle ta'a.[56]

Akkaataa iyyannoo fi kenniinsa dhiifamaa yoo ilaalle immoo, labsiin dhiifama naannoo Oromiyaa lak.114/98 haala, yeroo fi qaama iyyannoon dhiifamaa itti dhiyaatuu qabu teechisee jira. Dhiifamni kaka'uumsa qaamolee sadiitiin godhamuu danda'a. Kunis iyyannoo nama murtiin adabbii irratti darbe yookiin bakka bu'aa isaa, kaka'uumsa pirezidaantii naannichaa fi gaaffii Biiroon Haqaa (yeroo ammaa Mana Hojii Abbaa Alangaa) dhiyeessuun ta'uu mala.[57]

Iyyanni dhiifamaa murtiin dhumaa kennamee yeroo kamittuu akkasumas erga iyyanni duraa kufaa ta'ee ji'a jahaan booda boordii dhiifamaa naannichaaf dhiyaachuu akka danda'u teechisee jira[58]. Murtii dhumaa jechuunis adeemsa oliyyannoo kan fixate akka ta'e ni hubatama. Iyyatni dhiyaatus qabiyyee maal qabaachuu akka qabu labsicha keessatti tarreefamee jira. Kunis iyyattni dhiyaatu maqaa, hojii, yakkaa raawwachuu wagga shaniin dura teessoo isaa, yakka ittiin himatame, adabbii, haala raawwii, mana murtii adabbii murteesse, lakkoofsa galmee, yakka sanaan dura itti adabame yoo jiraate, mana sirreessa keessatti argamu, sababa dhiifamni itti taasifamuuf, ragaaleen kana deeggaran yoo jiraate yookiin iddoo itti argamu, namoota sadi firooma dhiigaafi gaa'ila hin qabne kan dhiifama deeggaran sababa isaanii waliin, idaa mootummaa qabaachuu fi dhiisuu isaa guutee dhiyaachuu qaba[59].

---

[54] Seera Yakkaa RDFI, Kwt.198
[55] Seera Yakkaa RDFI, Kwt.204
[56] Seera Yakkaa RDFI, Kwt.204
[57] Labsii Kenniinsa Dhiifamaa Naannoo Oromiyaa lak.114/98, Kwt.12 fi 13
[58] Labsii Kenniinsa Dhiifamaa Naannoo Oromiyaa lak.114/98, Kwt.15
[59] Labsii Kenniinsa Dhiifamaa Naannoo Oromiyaa lak.114/98, Kwt.14

Dabalataanis iyyatni dhiifamaa gama Biiroo Haqaatiin (yeroo ammaa Mana Hojii Abbaa Alangaa) dhiyaachuu akka danda'uu fi garagalchi iyyannaas nama gafatameef akka dhaqqabuu qabu dha.[60] Iyyata dhiyaate akka barbaachisummaa isaatti Boordichi galmee Mana Murtii,Waajjira Haqaa akkasumas namoota adda addaa irraa qulqulleessuun yaada murtii pireezidaantii naannoo Oromiyaatiif dhiyeessuun akka hayyamamu ni taasisa.[61] Tumaa seeraa armaan olitti ibsamu irraa akka hubatamu sirreeffamaan yommuu dhiifama gaafatu gaaffii isaa ragaadhaan akkasumas sababaan deeggaree dhiyeessuu akka qabu dha. Boordiin dhiifamaas iyyannoo fi ragaa dhiyaate akkasumas, ragaa fi qaama barbaachisaa ta'e qorachuun yaada murtoo waliin pirezidaantiif dhiyeessa. Pirezidaantiinis ragaa fi yaada murtoo boordichaan dhiyaateef, akkasumas barbaachisaa yoo ta'e qaama kamirraayyuu yaada fudhachuun gaaffii dhiifamaa dhiyaate raggaasisuu yookiin kufaa gochuu danda'a. Labsichi ifatti kaa'uu baatus murtiin dhiifama irratti pirezidaantiin kennamu kan dhumaa ta'uu muuxannoo jiru irraa ni hubatama.[62]

## 2.9.HORDOFFII SIRREEFFAMTOOTA KOROORAA FI DHIIFAMAAN GADHIIFAMANII

Namoota yakka raawwatanii adabbiin daangeffameef, korooraan yookiin dhiifamaan gadhiifaman hordofuuf maloonni lama hojiirra oolu. Adeemsi tokkoffaan '*casework approach*' kan jedhamuu fi nama yeroo yaaliin gadhiifame hojjettoota hawwaasummaa ramaduun gorsaa fi deeggarsa barbaachisaa ta'e argataa yeroo yaalii isaa milkaa'inaan akka xumuru taasisuu dha. Adeemsi inni lammataa immoo '*surviliance approach*' kan jedhamu namni yeroo yaaliitiin gadhiifame waadaa galee fi haal-dureewwan teechifaman kabajuu fi dhiisuu isaa dhoksaan hordofamee qaama ajaja yeroo yaalii kenneef gabaafama.[63]

Seera yakkaa keenya yommuu ilaallu, hordoffiin sirreeffamtoota korooraan gadhiifamanii adeemsota kanneen lachuu kan of keessaa qabu ta'uu ni

[60] Labsii Kenniinsa Dhiifamaa Naannoo Oromiyaa lak.114/98, Kwt.13(2)
[61] Labsii Kenniinsa Dhiifamaa Naannoo Oromiyaa lak.114/98, Kwt 6
[62] Pardon-information-and-instructions,USA Department of Justice, https://www. justice. gov/ pardon <Accessed on 12/4/2018>.
[63] Richard P. Seiter, Supervision Styles in Probation and Parole: An Analysis of Activities, (Marshal University, 2003), F4.

hubatama.[64] Manni murtii qajeelfama sirreeffamaan kabajuu qabu erga murteesseen booda namni sirreeffamaa korooraan gad-lakkifame bulchu, ogeessi amala sirreessaa yookiin ogeessi eegumsa waliigalaa irratti ramadamee (poolisii) jireenya sirreeffamaa hawaasa keessatti akka hordofu ni ajaja.[65] Qamni sirreeffama akka hordofuuf ajajame walitti dhufeenya uumuudhaan manaa fi iddoo hojii isaatti daawwachuun akkasumas yeroo boqonnaa isaatti hordoffii irratti taasisuun sirreeffamaan kun hanga danda'ameen haala jireenya isaa akka fooyyefatu ni gargaara. Kun adeemsa *casework* jedhamuun kan walfakkaatu dha. Hordoffiin taasifamu akka barbaachisummaa isaatti dhoksaan gaggeefamuu kan danda'u yommu ta'u qaamni hordofu yoo xiqqate komishini amala sirreessaaf ji'a sadiin yookiin yeroo barbaachisaa ta'etti gabaasa akka dhiyeessu ni taasifama.[66] Adeemsi kun immoo adeemsa *surviliance'*n walfakkata. Tajaajjilli hordoffii korooraa dhaabbilee siivikii yookiin dhaabbilee mootummaa yookiin dhuunfaa hirmaachisuun raawwatamuu akka danda'us tumaan seera yakkaa ni agarsiisa.[67] Akkaataa hordoffii sirreeffamtoota dhiifaman gadhiifamanii irratti kallattiin seeraan kaa'ame hin jiru.

Yeroo yaalii milkaa'inaan xumuruu fi dhabuun bu'aa hordofsiisu yoo ilaalle, sirreeffamaan korooraan gadhiifame yeroo yaalii keessa qajeelfama kennameef hordofuun amala gaarii agarsiisee yoo xumure, to'annoo fi adabbii jalaa guutummaan bilisa ta'a.[68] Haa ta'u malee, qajeelfamoota taa'an yoo cabse manni murtii yeroo yaalii dheeressuu danda'a. Darbees, yeroon yaalii bu'aa akka hin qabaanne yoo mirkaneesse ajajni korooraan gad-lakkifamuu kenname haqame sirreeffamaan gara mana sirreessatti akka deebi'u ni taasisa.[69]

Dhiifama ilaalchisees, haal-durreewwan teechifaman kabajuu dhabuun dhiifama kenname ni haqsiisa. Dabalataanis namoonnii dhiifama dogongorsuun argatan himanni irratti dhiyaatee boordiin qoratee yaada murtii pirezidaantiif dhiyeessuun murtee argata.[70]

---

[64] Seera Yakkaa RDFI, Kwt 199(1).
[65] Seera Yakkaa RDFI, Kwt.199 fi Kwt.208 wal-faana dubbisuun
[66] Seera Yakkaa RDFI, Kwt.199.
[67] Seera Yakkaa RDFI, Kwt.210
[68] Seera Yakkaa RDFI, Kwt.206(3).
[69] Seera Yakkaa RDFI, Kwt.206 fi Kwt.200 wal-faana dubbisuun.
[70] Seera Yakkaa RDFI, Kwt.6(3).

## 3. XIINXALA DAATAA

Itti aansuun dhimmoota xiyyeeffannoo barruu kanaa ta'an irratti daataa bifa af-gaafii, bar-gaaffii, galmee fi marii gareetiin funaanaman kan itti xinxaalaman ta'a. Kutaa kana keessatti calalliin korooraa fi dhiifamaa haala kamiin gaggeefamaa akka jiru; manni murtii gaaffii korooraa dhiyaatu haala kamiin simatee ajaja akka kennu; akkaataan kenniinsa dhiifamaa maal akka fakkaatu; hordoffiin sirreeffamtoota dhiifamaa fi korooraan bahanii maal akka fakkaatuu fi hanqinoota kanneen keessatti mul'atan daataa argaman waliin kan xinxaalamu ta'a.

## 3.1.SIRREEFFAMAA KOROORAA FI DHIIFAMAAF QOPHEESSUU IRRATTI HAALA QABATAMAA JIRU

### 3.1.1. Simannaa fi Hubannoo Uumuu

Sirreeffamaan adabbiin itti murtaa'ee mana sirreessaa yommuu galu, turtii isaa keessatti fooyya'iinsa amalaa yoo agarsiise yeroon adabbii isaa osoo hin dhumiin dursee gadhiifamuu akka danda'u manni sirreessaa hubachiisuu akka qabu seerri yakkaa ni ibsa.[71] Kunis sirreeffamtootni hubannoo fi abdii qabaatanii akka of-qopheessaniif fayyada. Hojjirra oolmaan tumaa kanaa manneen sirreessaa biratti maal akka fakkaatu hubachuuf hirmaatotni afgaaffiin godhameef hubannoo uumuu irratti hanqinni guddaan akka hin jirre agarsiisa.[72] Bargaaffii sirreeffamtoota seeraa waliin gaggeefameen hirmaattotni 85.3% ta'an haala korooraa fi dhiifamaan bahuun itti danda'amu irratti hubannoon ni kennama yommuu jedhan 14.4% kan ta'an immoo hubannoon nuuf uumamee hin jiru jechuun deebisanii jiru. Hojiin hubannoo uumuu fooyya'aa akka ta'e yaada afgaafii fi bargaaffii kanarraa hubatama.

[71] Seera Yakkaa RDFI, Kwt. 203.

[72] Afgaaffii Waasihuun Taakkalaa sirreefamaa seeraa mana sirreessaa Godina Gujii waliin gaafa guyya 22/05/10; Ob. Nugusee Xaahir sirreefamaa seeraa mana sirreessaa Godina Harargee lixaa waliin gaafa guyyaa 01/05/10; marii garee sirreeffamtoota seeraa Mana sirreessaa Godina Harargee lixaa waliin gaafa guyyaa 01/05/10 taasifame.

### 3.1.2. Madaallii Fooyya'iinsa Amalaa Sirreeffamaa

Sirreeffamaan yakka raawwate irraa baratee, amalli isaa fooyya'uu isaa haala iftoomina qabuun gamaggamaa deemuun kenniinsa korooraa fi dhiifamaatiif baay'ee barbaachisaa dha. Gama kanaan hojimaatni manneen sirressaa maal akka fakkaatu madaaluuf daataa funaaname irraa fooyya'iinsi amala sirreeffamaa haala saayinsawaa fi idilaa'aa ta'een madaalamaa akka hin jirre hubatameera.

Ogeessonni mana sirreessaa baay'een fooyy'iinsa amala sirreeffamaa yeroo yeroon hordofaa deemuun humna namaa fi baajata manni sirreessaa qabu faana ulfaataa waan ta'eef, qabxiin sirreeffamaa yeroodhuma sirreeffamaan korooraan bahu tilmaamaan kan guutamu akka ta'e ibsu.[73] Qabxiin kennamu ragaa irratti hundaa'ee akka hin taanes ni ibsu.[74] Akkuma armaan olitti ibsame galmeewwan sirreeffamtootaa sakatta'aman irraa qabxiiwwan madaallii sirreeffamaaf kennaman tilmaamaan akka ta'e hubachuun ni danda'ama. Fakkeenyaaf sirreeffamtoota mana sirreessaa keessa jiran maraaf qabxii walfakkaataa kennuu[75], iddoowwan tokko tokko irratti immoo qabxii gosa lama kennuun ni jira.[76]Galmeewwan manneen sirreessa muraasa sakatta'aman keessatti qabxii madaallii duuchumaan dhibbeentaa hammanaa argate jechuun qofa ibsuunis ni mul'ata. Kanaaf, qabxii madaallii kenname irraa bu'uura maaliin akka kenname waanti ibsu hin jiru.[77] Yeroo tokko tokko immoo

---

[73]Yaadataa Gonfaa fi Tafarraa Fallaqaa, Ogeessota Mana Sirreessaa Godina Sh/Lixaa waliin afgaaffii 04/5/2010 gaggeeffame. Inspk. Olaanaa Damee Fufaa, Saj. Araarsaa Hirphasaa, Saj. Abduraazaq Yaasiin, G/Insp. Garruu Abeebee ogeessota amana sirreessa Go/ Sh/ Ki/Lixaa waliin afgaaffii gaafa 16/5/2010 taasifame.

[74] Afgaaffi Saj.Araarsaa Hirphasaa, Saj. AbduraazaqYaasiin, G/Insp. Garruu Abeebee ogeessota amana sirreessa Go/Sh/Ki/Lixaa waliin gaafa 16/5/2010 taasifame.

[75] Fakkeenyaaf, lak.. galmee MMA Adoolaa 17814 lak.. xal Ams/480/2010, lak..galmee MMA 17639 Adoolaa xal.lak. Ams/502/2010, lak.. galmee MMA Adoolaa 16397, xal.lak. Ams/449/2009 Mana Sirreessaa Aanaa Adoolaa irraa guutamee dhiyaate.

[76] Fakkeenyaaf, unkaa xala.lak 18/775/2007 gaafa guyyaa 27/05/07 (Lak. Galmee mana murtii Aanaa Liban 10241) mana sirreessa Go/Gujii irraa mana murtii Aanaa Libaniif dhiyaateen qabxiilee madallii tokkoon tokkoon guutamanii sirreefaman ida'ama 90% akka argatee yommuuu ibsu fuula itti aanee jiru fi koreen madaalli irratti mallatteessani jiran irratti sirreefamaan qabxii madallii waliigalaa 80% akka argate ibsa. Haaluma wal fakkaatuun xala.lak. 18/710/07 mana sirreessa Go/Gujii irraa barreefame (Lak.. Galmee mana murtii Aanaa Liban 10275); Lak.. Galme MMO Go/Gujii 12794.

[77] Galmee yakkaa aanaa waadaraa Lak.. Galmee10871 ta'e irratti Mana Sirreessaa Godina Gujii xal.lak. Am/SI/18/453/2010 ta'een, lak. galmee MMA Adoolaa 17814 fi xal.lak. mana sirreessaa Aanaa Adoolaa Ams/480/2010, lak..galmee MMA Adoolaa 17639 fi xal.lak.

'sirreeffamaan amalli isaa fooyya'ee jira, hojii misoomaa irratti hirmaatee fi yakka raawwatetti gaabbe' bifa jedhu qofaan sirreeffamaan korooraan akka bahu yommuu itti gaafatmus ni jira.[78]

Fooyya'iinsa sirreeffamaa gamaaggamuun kan barbaachiseef, sirreeffamaan hammeenyummaa qabu korooraan hawwaasatti makamee irra deebiin yakka akka hin raawwanneefi dha. Muuxannoo gama kanaan jiru yoo ilaalle, sirreeffamaa korooraan gadhiisuun dura carraa sirreeffamaan yeroo korooraa milkaa'uu danda'u yookiin yakka biraa raawwachuuf qabu irratti gamaaggamni (risk assessment) ni gaggeeffama. Mallii fi adeemsi gamaaggamni kun itti gaggeefamu yeroo gara yerootti fooyya'aa kan dhufe yoo ta'u yeroo ammaa moodeelli '*risk, need responsity model'* jedhamu irra deebiin yakka raawwachuu hir'isuu irratti bu'aa gaarii fideen biyyootni hedduun dhimma itti bahaa jiru.[79] Malli gamaaggamaa kun kutaa sadi, '*risk', 'need' fi 'responsity'* jedhaman addaa baasuun kan dalagau ta'a. Kutaan '*Risk'* carraa sirreeffamaan irra deebiin yakka raawwatuuf qabu yoo ta'u, kunis wantoota dhaabbataa ta'an (kan akka umurii, yeroo fi gosa yakka raawwatee, galmee yakkaa qabaachuu fi dhiisuu fi kkf) fi waantoota jijjiiramuu danda'aniin (kan akka ilaalcha hawwaasummaaf qabu, haala hojii fi kkf) fa'iin madaalama. Fedhii ('need') immoo dhimmoota sirreeffamaatti danqaa ta'uun yakka akka raawwatuuf kakaasani dha. '*Responsity'n* immoo tattaaffiin haaromsa sirreeffamaa haala dandeettii fi beekumsa sirreeffamaa ta'uu akka qabu ibsa.[80] Kanaaf, kenniinsa korooraa keessatti dhimmoonni ilaalaman, yakka sirreeffamichi raawwate, umurii isaa yommuu mana sirreessaa seenu, duraan hidhamee beekuu, baduu, sadarka maatii isaa, namoota sirreeffamaatti hirkatanii jiraatan, haala hojii isaa fi kkf dha.

Kana irraa kan hubatamu madaallii yookiin gamaaggamni amma manneen sirreessaa Oromiyaatti gaggeeffamaa jiru haala saayinsawaa fi sirnaawaa ta'een gaggeeffamaa akka hin jirre ni hubatama.

mana sirreessaa Aanaa Adoolaa Ams502/2010, lak..galmee MMA Adoolaa 16397 fi xal.lak. mana sirreessaa Aanaa Adoolaa Ams/449/2009,

[78] Xalayaa mana sirreessaa GAONF lak.AdHISSS/223/08/10, Mana sirreessaa GAONF xal. lak.. AdHISSS/1863/08/2010, Mana sirreessaa GAONF xal.lak.. AdHISSS /129/08/2010,

[79] Jan Looman & Jeffrey Abracen, International Journal of Behavioral Consultation And Therapy (2013), Vol. 8, No. 3-4, P30.

[80] Nathan James, Risk and Needs Assessment in the Criminal Justice System, Congressional Research Service, October 13, 2015, F6.

## 3.2. SIRNA IYYANNOO FI CALALLII KOROORAA FI DHIIFAMAA

### 3.2.1. Iyyannoo Dhiyeessuu

Sirreeffamtootni iyyannoo korooraa fi dhiifamaa qaama aangoo qabuuf dhiyeeffachuun walqabatee hanqinootni akka mul'atan hubatameera. Sirreeffamtootni mana sirreessaa mana murtii iyyannoon korooraa itti dhiyaatu irraa fagaatanii jiran qaamni iyyannoo isaanii mana murtiitti dhiyeessu waan hin jirreef rakkataa akka jiran hirmaattotni ni ibsu.[81] Mana murtii dhimma korooraa keessummeessu irrattis hubannoo fi hojimaata adda addaatu jira. Godinaalee hedduutti dhimmi korooraa mana murtii adabbii dabarsetti dhiyaatee furmaata argataa jira. Godina muraasa keessatti immoo dhimmi korooraa manuma murtii dhiyeenya qabutti dhiyaatee ilaalama. Fakkeenyaaf, Godina Wallaggaa Lixaatti dhimmi korooraa mana murtii aanaa Gimbiitti dhiyaatee ilaalama.[82] Adeemsi kun sababa fageenyaatiin sirreeffamtootni gaaffii korooraa dhiyeeffachuu keessatti rakkoo isaan mudatu kan hiiku ta'us, manni murtii ragaa sirreeffamaa guutuu osoo hin argatiin ajaja akka kennu taasisee jira.

Calallii dhiifamaan walqabatee yeroon calallii dhiifamaa gaggeefamu baay'ee gabaabbachuu irraa kan ka'e adeemsa labsii dhiifamaa keessa jiru hordofuuf rakkisaa ta'uu ogeessonni ni ibsu.[83] Dabalataanis iyyannoo dhuunfaan dhiyaatuun wal-qabatee deebiin itti kennamaa kan hin jirre ta'uu sirreeffamtootni ni dubbatu.[84] Gama biraatiin immoo iyyannoowwan dhiifamaa iddoowwan itti dhiyaachuu qaban beekuu dhabuun waajjira pirezidaantiitti yeroon ergaman ni jira. Kun rakkoo waajjirri boordii hunda'uu dhabuu irraa kan ka'ee dha.[85]

---

81 Afgaaffii Ob. Yaadataa Gonfaa ogeessa Mana sirreessaa Godina Sh/Lixaa, Ob. Tafarraa Fallaqaa ogeessa Mana sirreessaa Godina Sh/Lixaa.

82 Afgaaffii Wubituu Beeggii, Giraany Margaa A/seeraa Mana murtii Aanaa Gimbii waliin gaafa 8/5/2010 taasifame.

83 Afgaaffii Wuddinash I/G Wajjira Haqaa GAONF, Ob. Zarihuun I/G Waajjira Haqaa Go/Guji waliin taasifame.

84 Marii garee sirreeffamtoota seeraa Go/Har/Lixaa Waliin gaafa guyyaa 01/05/10 taasifame.

85 Ob. Addisuu Laggaas, Waajjira Pireezidaantii Mootummaa Nannoo Oromiyaa waliin gaafa guyyaa 14/07/10 taasifame.

## 3.3.CALALLII FI KENNIINSA KAROORAA FI DHIIFAMA

Itti aansinee calallii fi kenniinsi korooraa fi dhiifamaa haala kamiin gaggeeffamaa jira kan jedhuu fi hanqinootni mul'atan maal faadha kan jedhu haa ilaallu.

### 3.3.1. Calallii fi Kenniinsa Korooraa

Ulaagaleen calallii korooraa iftoomina qabaachuu adda baasuuf hirmaatotni qorannoo hubannoo isaanii akka ibsan bargaaffiin dhiyaatee ture. Abbootiin seeraa fi ogeessonni mana sireessaa hedduun ulaagaan kenniinsa korooraa ifa ta'uu ibsaniiru.[86] Bu'aan bargaaffii kun iftoomina seeraa fi hubannoo ogeessotaa irratti hanqinni guddaan akka hin jirre agarsiisa. Haa ta'u malee dhimmoonni ogeessonni hubannoo adda addaa fi hojimaata wal hin fakkaanne irratti hordofan akka jiran afgaaffiin hubatameera. Fakkeenyaaf, sirreeffamtootni yakkamaa irra deeddebii ta'anii fi kanneen adabbii hidhaa faana adabbiin maallaqaa itti murtaa'eef koroorri ni kennama moo hin kennamu dhimma jedhu irratti hubannoonis ta'e hojimaanni jiru garaagarummaa ni qaba.[87] Manneen sirreessaa hedduun namoota kanaan dura yakka raawwatanii mana sirreessaa turaniif koroorri akka hin kennamne yoo ibsan, muraasa biratti immoo sirreeffamtootni deddeebi'oon koroora akka argatan ogeessoonni ni dubbatu.[88]

Kenniinsa korooraa keessatti tumaalee jiran kanneen sirnaan hojiirra ooluu fi dhabuu adda baasuuf daataa saassabamerraa hanqinoota heedduun jiraachuu hubatameera. Rakkooleen kunneen mana sirreessaa calallii korooraa raawwatanii fi manneen murtii koroora kennan biratti sadarkaa sadarkaan kanneen jirani dha.Yommuu calalliin raawwatamu manneen sirreessaa keessatti 2/3[ffaa] adabbii raawwachuu sirreeffamaa sirnaan adda baasuu

[86] Ogeessota mana sirreessa keessa 92.3% ulaagaleen korooraa iftoomina qaba jedhu, sirreeffamtoota keessaa immoo 85.7% iftoomina qabaachuu ibsu, Abbootii seeraa bargaaffii guutan keessaa 81% ulaagaa korooraa irratti hubannoo akka qaban yoo ibsan kanneen hafan immoo hubannoo gahaa akka hin qabne agarsiisa.

[87] Afgaaffii Insp.Ayyaanaa Baqqalaa Ogeessa Mana sirreessaa Go/Jimaa waliin afgaaffii gaafa 24/5/2010 ; Saj. Zallaqaa Fiqramaariyaam, Ogeessa Mana sirreessaa Aanaa Aallee waliin gaafa 24/5/2010; I/A/Kom. Geetaachoo G/goorgis, Hoogganaa Mana Sirreessaa Go/Sh/Ki/Lixaa waliin gaafa 16/5/2010 taasifame.

[88] Afgaaffii Insp.Ayyaanaa Baqqalaa Ogeessa Mana sirreessaa Go/Jimaa waliin afgaaffii gaafa 24/5/2010 taasifame.

dhabuun ni jira.[89]. Fakkeenyaaf, sirreeffamaan yakka hanna cimaa raawwateen gaafa 26/05/2009 murtiin hidhaa salphaa ji'a 6tiin adabame. Gaafa 2/7/2009 immoo korooraan gadhiifame. Adabbiin yoom irraa jalqabee akka raawwatu murtii irratti hin ibsamne. Ragaan turtii poolisii hin dhiyaanne.[90] Murtii armaan olii irraa akka hubatamu sirreeffamaan korooraan yoo kan gad-lakkifamu ta'e dirqamatti kan hidhamu baatii 4 dha. Garuu sirreeffamaan erga murtiin kenname baatii 1 fi guyyaa 6 qofa hidhamee kan bahe. Ragaan iddoo turtii biraa bakka ibsamee hin jirretti 2/3ffaa adabbii raawwatee jira haalli itti jedhamee mana sirreessaan itti calalame iftoomina kan qabuu miti. Manni murtiis koroora kana kennuun dura ragaalee dhiyaatan sirnaan hin sakattaane.

Rakkoon biraa calallii fi kenniinsa korooraatiin wal-qabatee jiru inni biraa ulaagalee teechifaman mara wal-biratti ilaaluu dhabuu dha. Ogeessotnni af-gaaffiin waliin taasifame akka dubbatanitti ulaagaa korooraa seera yakkaa kwt.202(1) fi dambii ittiin bulmaata sirreeffamtoota nannoo Oromiyaa keessatti ibsaman keessaa ulaagaan midhamaa beenyaa kanfaluu yookiin araaramuu jedhu hojiirra akka hin oolchine ifatti dubbatu.[91] Kunis sirni kana raawwachuuf diriirfame dhabamuu irraa kan ka'eedha. Manneen sirreessaa muraasa biratti sirreeffamaa fi miidhamtootni yakkaa akka araraaraman gochuuf yaalamee jira. Fakkeenyaaf, Godina Shawaa Lixaatti 'Bokkuu Cittuu' irraa sirreeffamaan sirna araaraa irratti akka hirmaatu xalayaan gaafatamee manni sirreessas sirreeffamaa sagantaa araaraa irratti akkaa hirmaatuuf haala

[89] Fakkeenyaaf Galmee lak..10241 himatamaa Mahammad Ahmadinuur gaafa guyyaa 12/03/07 adabbii baatii 4 akka adabamu manni murtii Aanaa Liban murteessee Manni sirreessaa Godina Gujii iyyata uunkaa gaafa guyyaa 27/05/07 guutameen sirreeffamaan adabbii 2/3ffaa gaafa guyyaa 28/05/07 xumura jechuun dhiyeessee sirreeffamaan yeroo turtii iddoo biraa akka hin qabne iyyata keessatti caqasee jira; mana sirreessaa keessattis guyyoota saddeetama akka hidhaman caqasee jira. Gaafa itti murtaa'ee irraa yommuuu herreegamu sirreeffaman korooraan 2/3ffaa adabbii (baatii 2 guyyoota 20 ) xumuree kan bahuu qabu gaafa guyyaa 02/06/07.

[90] Dhimma Naashaa A/Gisaa vs A/Alangaa L.G MMO 37223 Go/Jimmaa.

[91] Afgaaffii Kom. Andualam Xilahuun I/Gaafatamaa mana sirreessaa Go/Har/Lixaa waliin gaafa guyyaa 01/05/2010 taasifame.

mijeessuun hubatamee jira.[92] Manni sirreessaa tattaaffii walfakkaataa taasisanii sababba hanqina humna namaa fi loojistikiitiin addaan kutanis jiru[93].

Shallaggii raawwii adabbii 2/3[ffaa] irratti hanqinni akka jiru, af-gaafii ogeessotaa[94] fi ragaalee argaman irraa hubatameera. Manni murtii yommuu murtii adabbii kennu, guyyaa harki isaa qabamee jechuun ala guyyaan addaan bahee hin ibsamu. Kun immoo mataa isaatiin yeroo koroorri gahee sirreeffamtootni turtii waajjira poolisii akka dhiyeessaniif dirqamu. Ragaan turtii akka dhiyaatu gaafatamu immoo gama tokkoon sirreeffamtoota dhamaatiif akka saaxilu gama biraatiin immoo yeroon turtii dhugummaa hin qabne akka dhiyaatu godhee jira.[95] Fakkeenyaaf, dhimma A/Alangaa fi Nagaash Dhaabaa Jilchaa jidduu turee fi L.G 12761'n MMO Go/Sh/Lixaatti ilaalameen sirreeffamaan yakka ajjeechaa dagannoo raawwachuun gaafa 09/04/2010 adabbiin hidhaa salphaa ji'a 8 itti murtaa'e. Sirreeffamaan mana sirreessaa seenee torban lama booda gaafa 24/4/2010 korooraan gadhiifamee jira. Ragaawwaan galmee keessa jiranii fi dhiyaatan irraa akka hubatamutti sirreeffamaan yakkicha gaafa guyyaa 07/06/2009 raawwate. Haa ta'u malee, ragaan Waajjira Poolisii Ada'aa Bargaa irraa kenname sirreeffamaan yakkicha raawwachuun shakkamee gaafa 18/4/2009 hanga 14/09/2009 waajjiricha akka ture ibsee mana sirreessaa Aanaa Ejereef barreesse. Manni sirreessichaas kanuma bu'ureeffachuun sirreeffamaaf iyyannoo gaafatee MMO sirreeffamaan akka hidhaa irraa hiikamu ajajee jira.[96] Galmee kanarraa

---

[92] Fakkeenyaaf, Xalayaa gaafa 02/08/2008 Bokkuu cittuu irraa mana sirreessaa godina shawaa lixaaf barreeffame, Afgaaffii Kom. Takluu Lataa Hooggana Mana Sirreessaa Godina Sh/Lixaa.

[93] Afgaaffii Insp.Ayyaanaa Baqqalaa Ogeessa Mana sirreessaa Go/Jimaa waliin afgaaffii gaafa 24/5/2010 taasifame.

[94] Afgaaffii kom. Zarihuun Baqqalaa, Ab/Ad Hojii Sirreessa Sirrefamtootaa Mana Sirreessaa Godina Shawaa Lixaa. G/Insp. Garruu Abeebee ogeessa amana sirreessa Go/Sh/Ki/Lixaa, Insp.Ayyaanaa Baqqalaa Ogeessa Mana sirreessaa Go/Jimaa waliin afgaaffii gaafa 24/5/2010, Saj. Maaruuf Diltaataa, ogeessa Mana Amala sirreessaa Aanaa Gommaa, Insp. Xilahuun Indaashaaw Mana sirreessaa Go/I/A/Booraa, Saj. Yergaalam Mitikkuu hogganaa Mana sirreessaa Aanaa Aallee.

[95] Afgaaffii kom. Zarihuun Baqqalaa, Ab/Ad Hojii Sirreessa Sirrefamtootaa Mana Sirreessaa Godina Shawaa Lixa
G/Insp. Garruu Abeebee ogeessa amana sirreessa Go/Sh/Ki/Lixaa, Insp.Ayyaanaa Baqqalaa Ogeessa Mana sirreessaa Go/Jimaa waliin afgaaffii gaafa 24/5/2010, Saj. Maaruuf Diltaataa, ogeessa Mana Amala sirreessaa Aanaa Gommaa, Insp. Xilahuun Indaashaaw Mana sirreessaa Go/I/A/Booraa, Saj. Yergaalam Mitikkuu hogganaa Mana sirreessaa Aanaa Aallee, Ob. Sisaay Mul'ataa A/seeraa MMO Go/Gujii.

[96] Dhimma Nagaash Dhaabaa Jilchaa fi A/Alangaa Go/Sh/Lixaa Lak.Galmee MMO 12761

akkuma hubatamu hanqina raawwatameen sirreeffamaan murtii hidhaa baatii 8 itti murtaa'e keessaa torban lama qofa akka raawwatu godhamuu isaati.

Gama biraatiin manneen murtii biratti akka hanqina guddaatti kan mul'atu shallaggii fooyya'iinsa amala sirreeffamaa ilaalchisee ragaa mana sirreessaan dhiyaatu irratti gaaffii tokko malee iyyata dhiyaate mirkaneessuu dha.[97] Kanaan wal-qabatee galmeewwan ilaalaman irraa akka hubatamu qabxiin sirreeffamtoota maraaf guutamu wal-fakkaataa ta'e yeroo manni murtiis itti mirkaneessu ni mul'ata.[98] Yeroo tokko tokko immoo qabxiin garagaraa gosa lama kennamee manni murtii osoo hin qulqulleesiin yommuu itti murteessu ni jira.[99] Manneen murtii adabbii 2/3[ffaa] yommuu shallagan sirnaan shallaguu dhabuu, ragaalee mana sirreessaa irraa dhiyaatan dhugummaa isaanii osoo hin qulqulleessini ajaja kennuun ni mul'ata.[100] Manneen murtii gaaffii korooraa

---

[97] Afgaaffii Ob. Mallasaa Abrahaam A/seeraa fi gaggeessaa garee yakkaa MMO Godina Baalee waliin gaafa guyyaa 29/05/10,Ob. Midhaksaa Magarsaa A/s MMO Godina Baalee waliin gaafa guyyaa 29/05/10,Ob. Mokonnin Raggaasaa Pireezidaantii MMO Godina Baalee waliin gaafa guyyaa 29/05/10 ,Ob. Dassalany Galatoo A/seeraa MMA sinaanaa waliin gaafa guyyaa 29/05/10 taasifame

[98] Lak. galmee MMA Adoolaa 17814 lak. xal Ams/480/2010, lak. galmee MMA 17639 xal.lak. Ams/502/2010 , lak..galmee MMA 16397 xal.lak. Ams/449/2009 mana sirreessaa Aanaa Adoolaa irraa guutamee dhiyaatee sirreeffamtoota hundaafuu qabxii madaallii 80%, iyyannoowwan MMO Go/I/A/Booraa qabxiiwwan sirreefamaaf guutamee dhiiyatu hedduun isaa 85%, MMA Walisoo immoo hedduun isaanii qabxii madaallii 75% fakkeenyaaf (L.G 33215 Abdii Mulunaa, MMA Walisoo- guyyaan murtiin raawwatamuu eegalu guyyaa harki isaa qabame jechuun ibsamee jira). Qabxiin haaromsaa 75%. Guyyaa harki isaa qabamee kaasee jechuun kan murtaa'an. G.L 33181 Gabbisaa Nagaash Vs A/Alangaa MMA Walisoo. Qabxiin haaromsaa 75%. L.G 42354 Abbabaa Kumalaa vs A/Alangaa qabxii fooyya'iinsaa 75%.)

[99] Xalayaa lak. 18/775/2007 gaafa guyyaa 27/05/07 (Lak.. Galmee mana murtii Aanaa Liiban 10241) mana sirreessaa Go/Gujii irraa mana murtii Aanaa Libaniif dhiyaateen qabxiilee madallii tokkoon tokkoon guutamanii sirreeffamaan ida'ama 90% akka argate yommuu ibsu fuula itti aanee jiru fi koreen madaalli irratti mallatteessanii jiran irratti sirreeffamaan qabxii madallii waliigalaa 80% akka argate ibsa. Haaluma wal fakkaatuun xal.lak. 18/710/07 mana sirreessa Go/Gujii irraa barreeffame (Lak.. Galmee mana murtii Aanaa Liban 10275). Lak.. Galme MMO Go/Gujii 12794.

[100] Fakkeenyaaf, dhimmaa L.G 37223 MMO Go/Jimmaa, Naashaa A/Gissaa keessatti sirreeffamaan yakka hanna cimaa raawwateen gaafa 26/05/2009 murtiin hidhaa salphaa Ji'a 6tiin adabame. Gaafa 2/7/2009 immoo korooraan gadhiifame, A/Alangaa V. Shamsuu A/Maccaa fi L.G 22579 irratti, MMA Gommaa himatamaan gocha tokkoon yakka lama, qabeenya namaa faayidaa dhuunfaa isaaf oolchuu fi qabeenya balleessuu raawwachuun himannoo irratti dhiyaate balleessaadha jechuun, gaafa 26/9/2008 yakka duraaf hidhaa ji'a 3, yakka lammaataaf hidhaa ji'a afur itti murteessee jira. Manni murtichaa adabbiin hidhaa inni lammaffaa kan raawwatu gaafa himatamichi adabbii isa duraa raawwatee fixe irraa eegalee akka ta'u gaafa 29/9/2008 ajaja kenneera. Gaafa 17/12/2008 adabbii isa lammaaffaaf korooraan gadhiifame. Adabbiin galmee L.G 22581 irratti murtaa'e hin raawwanne.

dhiyaate irratti ajaja yommuu kennan sirreeffamaan qaaman akka dhiyaatu gochuun haal-dureen hin teechisan.[101] Dhimma korooraa xiyyeeffannoon akka hin ilaalles galmee korooraa irraa ni hubatama.[102]

### 3.3.2. Calallii fi Kenniinsa Dhiifamaa

Calallii fi kenniinsa dhiifamaa ilaalchisee, hanqinoota jiran haguuggiin seeraa gahaan dhabamuu, qaamoleen seerota kanneen raawwachiisan sirnaan gurmaa'uu dhabuu fi seerotuma jiraniyyuu sirnaan hojiirra ooluu dhabuutu mul'ata.

Kenniinsa murtii dhiifamaa keessatti hawwaasaa fi miidhamtoota hirmaachisuun kaayyoo dhiifamaa galmaan ga'uuf ni fayyada. Haa ta'u malee labsiin dhiifamaa naanoo Oromiyaa lakk.114/98 akkaataa hawwaasnii fi miidhamtootni kenniinsa dhiifamaa keessatti hirmaatan irratti tumaan teechise hin jiru.

Boordiin dhiifamaa yakkoota yookiin sirreeffamtoota dhiifama argachuu hin qabne jechuun aangoo qajeelfama baasuu fi sirreeffamtoota gidduutti garaagarummaa uumuu hin qabu yaadni jedhu bal'inaan dhaga'ama. Aangoon dhiifama gochuu kan pirezidaantiiti. Yakkoonni pirezidaantiin dhiifama gochuu hin dandeenye yakkoota suukanneessaa sanyii namaa irratti raawwataman jedhamuun heera mootummaa kwt.28 jalatti kanneen ibsamani dha. Pirezidaantiin naannoo immoo akkuma labsii 114/98 fi labsii dhiifamaa federaalaa 840/2008 irraa hubatamu yakkoota aangoo federaalaa ta'anii fi murtii du'aa irratti dhiifama kennuu akka hin dandeenye ni hubatama. Gama kanaan labsiin lakk.114/98, dambii fi qajeelfama labsicha raawwachiisuuf

---

101 Afgaaffii Darajjee Faanta A/seeraa MMO Godina Harargee Lixaa waliin gaafa guyyaa 01/05/10 Abdii Sufiyaan sirreefamaa mana sirreessaa Godina Harargee Lixaa irraa korooraan bara 2009 bahe waliin gaafa guyyaa 02/05/10,Ob. Aliyyii Kadiir Abbaa seeraa MMO Godina Harargee Lixaa waliin gaafa guyyaa 02/05/10 Buzunah Guutamaa pireezidaantii MM Magaala Burrayyuu waliin gaafa guyyaa 07/05/10, Baayisaa Sorsaa A/seeraa MM Magaala Burrayyuu waliin gaafa guyyaa 07/05/10, Dajanee Iddechaa A/seeraa Mana murtii Aanaaa Adaamii tulluu waliin gaafa guyyaa 09/05/10 taasifame

102 Fakkeenyaaf, iyyannoo korooraa manni sirreessaa Go/I/A/Booraa sirreeffamtuu Obsinee Taarikuutiif dhiyeesse ilaalchisee MMO Go/I/A/Booraa ajaja L.G 26671 gaafa 23/5/2010 kennee ilaaluun ni danda'ama. Galmicha irratti A/seeraa osoo hin moggafaminii fi hin mallatteessin ajajani sirreefamtuun Mana sirreessaatii haa gadhiifamtu jedhu kennamee jira. Galmeen iyyannoo korooraa, Gannatii Mokonnon L.G27185 MMO Go/I/A/Booraa gaafa 23/5/2010 Taakkalaa Mallasaa Vs A/Alangaa G.L 13194 MMA Walisoo, Yaadasaa Morodaa vs A/Alangaa, L.G 33006 MMA Walisoo).

barbaachisan akka baasu qaamni aangesse hin jiru. Labsichi dhimmoota dhiifamaan walqabatan ilaalchisee qoratee yaada murtii pirezidaantiif kan dhiyeessu, boordiin dhiifamaa akka hundaa'u kaa'a. Boordichi gaaffileen dhiifamaa haala ariifachiisaa ta'een deebii akka argatan ulaagaa barbaachisu qoratee hojiirra akka oolchu aangeffamee jira. Yakkoota dhiifama kennisiisanii fi hin kennisiisne ulaagaa kaa'anii adda baasuun wal qabatee hojimaata adda addaatu jira.

Fakkeenyaaf, Heerri USA akka biyoolessaattti aangoo dhiifama gochuu (dhimma aangoorraa buqqisuu /empeachment/ ala) pirezdaantichaaf kennee jira. Abbaan alangaa waliigalatti kutaan dhimma dhiifamaa hordofu akkaataa gaaffiin dhiifamaa itti calalamuun pirezidaantiif dhiyaatu irratti qajeelfama dhiifamaa keessatti ulaagaa adda addaa ni kaa'a. Haa ta'u malee qajeelfamnichi kenniinsa taajaajila sadarkaa abbaa alangichaatti jiru qajeelchuun ala aangoo pirezidaantii daangessuu hin danda'u.[103] Gama kan Oromiyaatti yoo deebinu, akkuma olitti ibsame pirezidaantiin naannoo yakkootaa fi sirreeffamtoota akkamiif dhiifama gochuu akka hin dandeenye heera mootummaa fi labsii naannoo fi federalaatiin ibsameera. Dhimmoota kanaan ala jiran irratti dhiifama gochuu danda'a. Nageenya fi dantaa ummataa fi mootummaaf barbaachisaadha jedhamee yoo itti amaname yakkootni dhiifamni hin taasifamneef jiraachuu danda'u. Muuxannoo biyyoota biraa irraayis ni hubatama. Fakkeenyaaf, biyya Kanaadaatti yakkootni saalquunnamtii dubartoota irratti raawwataman dhiifama akka hin kennisiisne seerri daangessu bahee hojiirra jira. Akka naannoo keenyaattis dantaa uummataa fi mootummaa caalaatti eegsisuuf yakkoota dhiifamni hin godhamneef teechisuun ni danda'ama. Haa ta'u malee dhimmichi rakkoo loogii fi walqixxummaa sirreeffamtoota gidduutti akka hin uumne qaama aangoo qabuun kallattiin seeraa taa'uun irra jiraata. Akka naannoo Oromiyaattii haala addaatiin qaamoleen biroo yoo aangeffaman malee, aangoo seera baasuu kan qabu caffee fi mana mare bulchinsa mootummaa naannoo Oromiyaati. Qajeelfamni amma ittiin hojjetamaa jiru garuu haala kanaan hin tumamne. Akkaataan yakkoonni dhiifama kennisiisanii fi hin kennisiisne itti filatamanis qorannoon kan deeggarame miti. Qajeelfamichi

[103] The United State Department of Justice office of Pardon, https://www.justice.gov/pardon /pardon-information-and-instructions <Accessed on 4/30/2018>.

rakkoo iftoominaa akka qabuu fi ogeessotnii fi sirreeffamtootni hubannoo gahaa kan hin qabne ta'uu ni hubatama.

Labsicha hojiirra oolchuuf qajeelfamoonni yeroo yeroon bahan iftoomina dhabuun rakkoo seeraa isa biraati. Sirreeffamtootnis ta'e ogeessonni hedduun qajeelfamootni boordiin bahan carraa dhiifama argachuu sirreeffamtoota kanaa kan dhiphisu dha yaada jedhu qabu.[104] Qajeelfamoonni yeroo yeroon bahan yakkoota dhiifama kennisiisanii fi hin kennisiisne adda baasuu irratti hanqina akka qaban ibsamee jira. Keessumattuu, yakka malaammaltummaa fi ajjeechaa sadarkaa adda addaa qabu addaa baasuu irratti hanqinni jira. Sababa kanaaf hojimaatni calallii sirreeffamaa bakkaa bakkatti garaa gara ta'ee jira. Fakkeenyaaf, yakki amantaa hir'isuu yakka malaammaltummaa waan ta'eef dhiifama hin kennisiisu ogeessonni jedhan jiru.[105] Ogeessonni biraa immoo yakka amantaa hir'isuu salphaa taanaan dhiifama ni kennisiisa yaada jedhu qabu.[106] Qajeelfama barreeffamaan kenname ibsuuf jecha qajeelfama walitti bu'u afaaniin kennuunis akka mul'atu hirmaattotni qorannichaa ni ibsu.[107]

Waajjirri boordii dhiifamaa bu'uura labsichaatiin akka hin gurmoofnee fi itti gaafatamaanis akka hin ramadamne hubatamee jira.[108] Kana irraa kan ka'e ragaawwaan kenniinsa dhiifamaan wal qabatan adda addaa haala qindaa'aa ta'een argachuun hin danda'amne. Qaamolee bu'uura labsichaatiin miseensa boordii ta'aniin alas qaamoleen biroo gahee qaban kanneen akka Biiroo Leenjii Teekinikaa fi Ogummaa Oromiyaa fi Biiroon Dhimmaa Hojjetaa fi Hawwaasummaa Oromiyaa miseensa Boordichaa ta'uu dhabuun hojii sirreeffamaa haaromsanii hawwaasatti makuu sirnaan akka hin hojjetamne

[104] Laggasaa Kabbadaa, A/Alangaa Godina Shawaa Lixaa waliin afgaaffii gaafa 3/5/2010 taasifame, Saj. Yergaalam Mitikkuu Hogganaa Mana Sirreessaa Aanaa Aallee waliin afgaaffii 24/5/2010 taasifame. Marii garee sirreefamtoota manneen sirreessaa Godina Shawaa lixaa, wallaggaa Lixaa, Jimmaa, Shawaa Kibba Lixaa, Iluu A/ Booraa waliin taasiafame.

[105] Afgaaffii Kom. Takluu Lataa, Hooggana Mana Sirreessaa Godina Sh/Lixaa waliin gaafa 04/5/2010 gaggeeffame; Afgaaffii Hirkisaa Hundee, A/Alangaa Go/Sh/Ki/Lixaa waliin gaafa 14/5/2010 taasifame.

[106] Afgaaffii Kom Tanaanyee Walduu Hoggantuu Mana sirreessa Go/I/A/Booraa waliin gaafa 25/5/2010 taasifame.

[107] Afgaaffii Kom. Takluu Lataa, Hooggana Mana Sirreessaa Godina Sh/Lixaa waliin gaafa 04/5/2010 gaggeeffame; Afagaaffi saj/ol Amsaaluu Lataa, Ogeessa Mana Sirreessa Aanaa Gommaa waliin gaafa 22/5/2010 taasifame; Afgaaffii Saj.Abduraazaq Yaasiin ogeessaa Haaromsaa sirreefamtootaa mana sirreessaa Go/I/A/Booraa gaafa 25/05/2010.

[108] Afgaaffii Ob. Tashoomaa Girmaaa, Hoogganaa Biiroo Haqaa Oromiyaa waliin gaafa 14/09/2010 taasifame.

dhiibbaa gochuus himamee jira.[109] Hojiin gaaffii dhiifamaa simachuu fi qulqulleessuu, akkasumas yaada murtii pirezidaantiif dhiyeessuu hojii itti fufiinsaan hojjetamu akka ta'e tumaalee labsii 114/98 irraa ni hubatama. Boordiin hojii kana hojjetus boordii dhaabbataa akka ta'e labsichi ni akeeka. Haa ta'u malee miseensotni boordichaa namoota manneen hojii biraa, kanneen hojii idilee biraa qaban qofa akka ta'an gochuun immoo hojichi akka hojii idileetti akka hin fudhatamne godhee jira. Rakkoon kun boordiin hojii isaa haala labsichi hin hayyamneen qaamolee biraaf akka qoodu yookiin dabarsee kennus dirqamsiiseera.

Manneen sirreessaa ilaalaman hunda keessatti, qabatamaattii hojii dhiifamaaf sirreeffamaa calaluu kan hojjetu koree qajeelfamaan ibsame osoo hin taane ogeessota biroo koree tikinikaa jedhaman akka ta'e hubatamee jira. Koreen dhiifamaa bu'uura qajeelfamaa qabu, koree olaanaa jedhamuun beekamu hojii koree xiqqaa yookiin teekinikaa kanaan hojjetame mirkaneessuu dha. Miseensonni korichaa sirnaan hirmaachuu dhabuu yookiin nama biraa bakka buusuun baay'inaan ni mul'ata.[110]

Iyyannoon dhiifamaa hundinuu ragaa fi yaada murtii waliin pirezidaantiif dhiyaachuu akka qabu labsichi ni kaa'a.[111] Haala hojimaata naannoo Oromiyaa amma jiru yoo ilaalle garuu, koreen calalliis ta'e boordiin iyyannoo sirreeffamaan dhiyaatu yookiin kaka'uumsa isaaniitiin calalan keessaa kanneen bu'uura ulaagaatiin dhiifama ni kennisiisa jedhanii itti amanan qofa pirezidaantiif dabarsu. Kun immoo boordii fi koreewwan calallii kunneen aangoo dhiifama irratti murteessuu akka qabaatan godhee jira.

Hanqinni biraa mul'atu immoo dhimmoota murtii adabbii xumuraa hin arganne irratti dhiifama gochuun wal qabatee rakkoolee uumamani dha. Labsii lakk. 114/98 irratti gaaffiin dhiifamaa murtii dhumaa manni murtii kenne bu'uureffatee akka ta'e ibsa. Murtii dhumaa jechuunis sirna kenniinsa mana murtii keessatti carraawwan jiran (oliyyannoo fi ijibbaata) kan fixate yookiin carraa adeemsa kana keessa darbuu kan hin qabaanne ta'uu qaba.[112] Kunis

---

[109] Afgaaffii Ob. Tashoomaa Girmaa waliin ta'e (Akkuma 108ffaa).

[110] Afgaafii Ob. Zarihuun Dhugumaa, I/G Waajjira Haqaa Godina Gujii waliin gaafa 22/05 /10, Ob. Abdulwaahid Abdurahmaan, I/G Waajjira Haqaa Godina Baalee waliin gaafa 29/05/10 taasifame.

[111] Labsii Dhiifamaa Oromiyaa lak.. 114/1998, Kwt.6/1/b fi Kwt.12.

[112] Toora intarneetii www.vocabulary.com/dictionary/final%20decision gaafa guyyaa 24/08 /10 ilaalame

kenniinsi dhiifamaa falmii yakkaa dhimma yakkaa waliin haala wal simateen akka deemuuf kan gargaaru dha.

Akka naannoo Oromiyaatti gama kanaan hanqinni ni mul'ata. Fakkeenyaaf, dhimma Getaachoo Abbabaa Vs. A/A L.G. 245691 MMWO, MMO G/A/N/F L.G 13634 irratti ilaalame keessatti MMO iyyataan yakka raawwateef balleessaa jechuun adabbii itti murteesseera. Haa ta'u malee abbaan alangaa adabbiin kenname xiqqaate jechuun oliyyaannoo MMWO fudhatee falmiin oliyyannoo osoo ilaalamaa jiru, mootummaan deebii kennaaf dhiifama kenneera. Manni murtichaas falmii oliyyannoo dhagahuun adabbii hidhaa fooyyessuun adabbii kenna. Iyyataan yakka raawwateef dhiifamni godhamuufii ibsuun dhaddacha ijibbaataa mana murtichaatti iyyata dhiyeessus MMWO iyyatichi yeroon hin dhiyyaanne manni murtichaa murtii dura kenne keessa deebi'ee ilaaluuf aangoo hin qabu jechuun cufeera. Iyyataan dhiifama argatus hanga daataan qorannoo kanaa funaanamutti mana sirreessaa keessa turuuf dirqameera. Kana irraa kan hubatamu boordiin dhiifamaa namoota dhiifama argatan yommuu calalu dhimmoota murtii dhumaa argatan adda baasuu irratti hanqina kan qabu ta'uu isaati. Lammaffaa, Biiroon Haqaa (yeroo ammaa manni hojii abbaa alangaa walii galaa) waliitti qabaa boordii dhiifamaa ta'e gama tokkoon sirreeffamaan dhiifama akka argatu haala mijeessaa gama kaaniin falmii itti fufuun hanqina biraati.

Tumaalee qajeelfamaa fi labsii dhiifamaa keessa taa'an keessaa kanneen sirnaan hojiirra oolaa hin jirres hedduu dha. Namoota umuriin dullooman, akkasumas dhibee hin fayyine qabaniif haala addaatiin dhiifamni godhamaafii akka hin jirres ibsamee jira.[113] Namoota sababa umuriitiin dhiifamni godhamuufii qabu ilaalchisee, umurii waliin dhahuu irraa kan ka'e, hojiirra oolchuun akka hin danda'amne hoggantootni kaasaniiru.[114] Dhibee fayyuu hin dandeenye kan jedhu ilaalchisee sirreeffamtootni hanqina hubannoo fi ragaa mana yaalaa haala qajeelfamni gaafatuun dhiyeessuu dhabuun akka itti hin hojjenne gochuun hoggansaan ibsamee jira.[115]

Sirreeffamtoota murtiin du'aa itti murtaa'e irratti murtichi raawwatamaa hin jiru. Haa ta'u malee sirreeffamtootni kun dhiifamas argataa akka hin jirree fi

[113]Marii garee sirreeffamtoota Mana Sirreessaa Godina Shawaa Lixaa waliin gaafa 04/05 /2010 taasifame.

[114] Afagaaffii Ob. Tashoomaa Girmaa, Olitti yaadannoo lak. 108 waliin taasifame.

[115] Afagaaffii Ob. Tashoomaa Girmaa (Akkuma 114[ffaa]).

haala rakkisaa keessa akka jiran ibsameera.[116] Raawwiin murtii du'aa sochii murtii du'aa balleessuu (abolitionism) fi itti fufsiisuu (retentionism) waliin kan walqabatuu dha. Itoophiyaan waggoota kurnan darban keessa murtii du'aa murtaa'an hin raawwachiisne.[117] Kunis gara sochii murtii du'aa dhabamsiisuutti siqaa akka jirtu, yookiin 'defacto abolutionist' ta'uu ishee agarsiisa. Gamtaan Afrikaa chaartara mirga namoomaa fi ummata Afrikaa irrattii wixinee pirotokoolii murtii du'aa dhabamsiisuuf qopheesseen, biyyoonni murtii du'aa seerota isaanii keessaa qaban murtii du'aa akka hin raawwannee fi gara adabbii hidhaa gosa adda addaa qabutti akka jijjiiran kallattii agarsiisee jira. Gama biyya keenyaattis yoo deebinu, tumaa seera yakkaa kwt.117 murtiin du'aa raawwatamuun dura dhiifama yookiin baraarsan akka hafu yookiin hir'atuuf pirezidaantii biyyaatti dhiyaatee mirkanaa'u akka qabu ol kaa'a. Haa ta'u malee Pirezidaantiin biyyaa sirreeffamtoota kanneeniif dhiifama kan hin gooneef yoo ta'e, carraan isaanii maal ta'a kan jedhu irratti kallattiin ifa ta'e akka biyyaatti hin jiru. Kun immoo qabiinsaa fi qor-qalbii sirreeffamtoota murtiin du'aa itti murtaa'e irratti dhiibbaa uumee jira.

Haala addaatiin dhimmoota sirreeffamaaf dhiifama kennisiisan keessaa tokko adabbii ragaa sobaa irratti hundaa'ee kenname dha. Nama ragaa sobaatiin itti murtaa'eef haala addaatiin dhiifamni akka taasifamuuf, qajeelfamootni dhiifamaa ni ibsu. Sirreeffamtootni mana sirreessaa daataan irraa funaaname keessa jiran hedduun yakkii fi adabbiin ragaa sobaan kan irratti murtaa'e akka ta'e ibsuun dhiifamni akka taasifamuuf kan gaafatan ta'uu hubatamee jira.[118] Manneen sirreessaa hedduu keessatti sirreeffamtootni ragaa sobaan adabamuun iyyatan dhiifama akka argatan gochuun akka hin danda'amne hoggantootnii fi ogeessotni mana sirreessaa akkasumas sirreeffamtootni ibsanii jiru. Tumaan kun hojiirra akka hin oolle kan godhe, iyyatni ragaa sobaa bu'uurreffatu garmalee heddummachuu fi kana qorachuun deebii kennuun ulfaataa ta'uutu ibsame. Sirreeffamaan tokko tumaa kanatti fayyadamee

---

[116]Afgaaffii Kom Tanaanyee Walduu, Hoggantuu Mana Sirreessa Go/I/A/Booraa waliin gaafa 25/5/2010 taasifame.

[117] Ethiopia's Dilemma with Capital Punishment, Long Overdue, Addis Fortune, Vol 18, No 910, 2017.

[118] Fakkeenyaaf, Mana Sirreessa Godina Shawaa Lixaa keessatti bara 2010 qofa sirreeffamtoota jiran keessaa 673 kan ta'an ragaa sobaan adabamne waan ta'eef qoratamee dhiifamni nuuf haa kennamu iyyata jedhu dhiyeessuu daataa mana sirreesichaa irraa argame irraa hubatameera.

dhiifama argachuu isaa hogganaan ibsan jiru. Kunis, iyyata ragaa sobaatiin adabamuu dhiyaate irratti hundaa'uun abbaa alangaa fi poolisiin hawwaasaa fi maatii miidhamaa waliin ta'uun sirreeffamichi yakkicha akka hin raawwanne kan mirkaneessan ta'uu ibsaniiru.

Sirreeffamaan ragaa sobaan itti murtaa'e gaaffii dhiifamaa yoo dhiyeeffate haala kamiin deebii argachuu qaba kan jedhu ilaaluun barbaachisaadha. Rakkoon sobaan yookiin dogoggoraan adabamuun biyyoota hundaa keessatti dhimma xiyyeeffannoo argate ta'eera. Rakkoo kana furuuf biyyoonni qaama addaa walaba ta'e hundeessanis baay'ee dha.[119] Akka biyyaas ta'ee nannoo keenyatti qaamni waan kana qoratee mootummaaf dhiyeessu hin jiru. Qajeelfama dhiifamaa irraa akka hubatamutti sirreeffamaan ragaa sobaatiin itti murtaa'uuf ragaa qabatamaan mirkaneessuu qaba.[120] Ragaan sobaa kun hanqina sirna haqaatiin kan uumame ta'uun ifaa dha. Haa ta'u malee hanga qaamni dhimma kan qoratu hin jiraannetti, dhiifama kennuuf iyyata haala kanaan dhiyaatu hunda qaamoleen haqaa fuudhatanii qorannoo gaggeessuun hojii ulfaataa dha. Hojii sirna haqaan hojjetame irra deebiin lammata ofuma isaanii kan hojjetan yookiin mirkaneessuuf deeman godha. Kun immoo bu'a-qabeessa hin ta'u. Muuxannoo yoo ilaalles namni ragaa sobaatiin adabame, kana sababeeffatee dhiifama yoo gaafate ragaan ittiin adabame sun soba ta'uu mana murtii murticha kenneen mirkaneessuu fi yaada kennuu akka qabu biyyootni taasisan jiru.[121] Ragaan amansiisaa kan ta'u adeemsa seeraa keessa darbuu qabu keessa darbee qaama aangoo qabuun ragaa kenname yoo ta'e dha. Kanaaf namoonni ragaa sobaan adabaman dhimmichi adeemsuma seeraa keessa darbuun qoratamee soba ta'uun yoo mirkanaa'e bu'uura ragaa kanaatiin dhiifamni kan godhamuuf ta'a.  Akka waliigalaatti ragaa sobaa bu'ureeffatee dhiifama gaafatamu deebisuuf haalli dandeessisu hin uumamne.

---

[119] England, Wales, Northern Ireland, Scotland, Norway, Canada and the United States are some of Countries that have officially responded to the problem of wrongful conviction and implemented significant governmental bodies and other legal mechanisms for the identification and correction of wrongful convictions, Weathered, Lynne, the growing acknowledgement of wrongful conviction *(The Australian Response with international context, Victoria Univesity law and Justice Journal, 2013, F79 )*

[120]Qajeelfamoota Calallii fi Raawwii Dhiifama Sirreeffamtoota Seeraa Naannoo Oromiyaa Lak. 4/2008, Lak.. 5/2009 fi Lak. 6/2010, Kwt. 15.

[121] Texas State Board of Pardons and Paroles Rules, §143.2. Pardons for Innocence.

### 3.3.3. Hanqinoota Biroo Calallii fi Kenniinsa Korooraa fi Dhiifamaa Keessatti Mul'atan

Hanqinootni biroon calallii fi kenniinsa korooraa fi dhiifamaa keessatti mul'atan keessaa tokko rakkoo sirreeffamtoota jijjirraan dhufan korooraa fi dhiifama argachuu irratti isaan qunnamu dha. Sirreeffamtootni manneen sirreessaa naannoo biraa irraa gara Oromiyaa dhufan manneen sirreessaa Oromiyaatiin yommuu simataman ragaa sirreeffamaa guutuu waliin waan hin simatamneef kenniinsa korooraa irratti rakkoon isaan mudata. Ragaa barbaachisu qaama jiru biraa nama yookiin qaama fiduuf hin argatan. Kanaaf koroora malee adabbii itti murtaa'e yommuu mana sirreessaa keessatti fixuuf dirqaman ni mul'ata.[122] Haalli calallii fi kenniinsa dhiifama sirreeffamtoota iddoo maratti hojimaata walfakkaataa akka hin taane ibsameera. Kunis calallii fi kenniinsi dhiifama sirreeffamtoota kanneenii yeroo tokko tokko kan Oromiyaa faana yoo raawwatu yommuu biraa immoo qofaatti kan raawwatu ta'uu ogeessonni ni ibsu.[123] Sirreeffamatoota calalliin isaanii raawwatamee gara boordii dhiifamaa federaalatti ergamuun wal-qabatee garuu yeroon furmaata argachuu dhabuun ni mul'ata.[124]

Ogeessota calallii korooraa fi dhiifamaa raawwatan biratti rakkoon naamusaa akka mul'atus ogeessotnii fi sirreeffamtootni afgaaffiin godhameef ibsaniiru. Rakkoowwan naamusaa kunneenis faayidaan hojjechuu, walitti dhufeenya dhuunfaa irratti hundaa'uun sirreeffamaan koroora yookiin dhiifama akka argatu gochuu, sirreeffamtoota gidduutti loogii uumuu, ragaa sobaatiin sirreeffamaan koroora yookiin dhiifama akka argatu gochuu fi kanneen

[122] Afgaaffii Insp.Ol Waaqoo Burqaa Hoogganaa Mana Sirreessaa Godina Harargee Lixaa waliin gaafa guyyaa 03/05/10 taasifame, Afgaaffii G/Insp. Mashuutee Abdulqaadir, Ab/Ad/sirreessa sirreeffamtootaa M/Sir/Godina Baalee waliin gaafa guyyaa 28/05/10, Marii garee sirreeffamtoota Go/Har/Lixaa waliin gaafa guyyaa 01/05/10 taasifame

[123] Insp. Olaanaa, Damee Fufaa Mana sirreessaa Godina Wallagggaa Lixaa.

[124] Afgaaffii Kom. Andualam Xilaahun, Hoggaanaa Mana Sirreessaa Godina Harargee Lixaa waliin gaafa guyyaa 02/05/10, Asfaaw fiqaaduu, H/Gabriel Jadu, Sirreeffamtoota Mana Sirreessaa Go/Sh/Lixaa waliin afgaaffii gaafa 04/5/2010 gaggeeffame.

fakkaatani dha.[125] Rakkoon naamusaa jiraachuu galmee ogeessota himatamaanii adabaman irraa hubachuunis danda'ameera.[126]

Akkaataa calalliin korooraa fi dhiifamaa itti gaggeeffamu irratti sirreeffamaan komii qabu dhiyeeffachuu irrattis hanqinni jira.[127] Kunis sirni komii mijataa fi walfakkaataa ta'e diriiruu dhabuu fi yeroon calalliin dhiifamaa itti gaggeeffamu baay'ee gabaabaa ta'uu irraa kan ka'e dha.

## 3.4.HORDOFFII SIRREEFFAMAA KOROORAA FI DHIIFAMAAN BAHEE

Sirreeffamtootni yeroo korooraan akka gad-lakkifaman murtaa'u jireenyi isaanii hawaasa keessatti akkaataa kamiin akka hordofamu seerri yakkaa teechisee jira.[128] Dhiifamni immoo bu'uura qajeelfamoota boordiin dhiifamaa baasuun koreen calallii godinaa gara caasaa poolisii fi bulchiinsaafi nageenya gandaatiin akka hordofu teechisee jira.[129] Itti aansuun hordoffiin sirreeffamtoota korooraa fi dhiifamaan bahanii qabatamaatti maal akka fakkaatu haa ilaallu.

Hordoffiin sirreeffamtoota korooraan gad-lakkifaman irratti taasifamu jiraachuu sakatta'uuf bargaaffii fi afgaaffiin oggeessota waliin taasifameera. Bargaaffii abbootii seeraa irraa funaanameenis abbootiin seeraa harki 97.8% ta'an sirreeffamtootni yommuu korooraan gadhiifaman manni murtii sirreeffamaan hawaasa keessatti akka hordofamu ajaja hin kennu jedhaniiru. Bu'aa afgaaffii irraayis hordoffii sirreeffamtoota korooraan gadhiifamanii ilaalchisee manni murtii ajaja akka hin kennine, qaamni to'atus akka hin jirre hubatameera.[130] Abbootiin seeraa hordoffii ilaalchisee maaliif ajaja akka hin

---

[125] Afgaaffii Ob. Gizaachaw Asaffaa, Ab/Ad/Qo/Yakkaa fi Murtii Haqaa Kennisiisaa, Waajjira Haqaa Aanaa Adoolaa waliin gaafa 24/05/10; Ob. Kiyyaa Salamoon, sirreefamaa seeraa korooraan mana sirreessaa Godina Baalee irraa gad-lakkifame waliin gaafa 29/05/10 gaggeeffame.

[126] A/Alangaa fi It/A/Ins.Waaqshuum Abarraa, MMO Go/W/Lixaa, L.G 05233 murtii gaafa 06/11/2009 kenne.

[127] Afgaaffii Kom. Fiqiruu Kabbaddaa, I/G Mana Sirreessaa Aanaa Adoolaa waliin gaafa guyyaa 23/05/10 taasifame.

[128] Seera Yakkaa RDFI, Kwt.199(1).

[129] Fakkeenyaaf, Qajeelfama Calallii fi Raawwii Dhiifama Sirreeffamtoota Seeraa Naannoo Oromiyaa lak..4/2008 fi 5/2009, Kwt.7(8).

[130] Afgaaffii Darajjee Faantaa, Abbaa seeraa MMO Godina Harargee Lixaa waliin gaafa 01/05/10; Garamaw Ababaayyoo Abbaa seeraa MMA Dodolaa waliin gaafa 17/05/10; Ob.

kennine yommuu gaafataman, qaamni ajajamu hin jiru jechuun deebisaniiru.[131] Sirreeffamaan korooraan bahe yakka biraa raawwatee itti murtaa'ee deebi'e haalli koroorri isa dura itti haqamu kan hin jirre ta'uu isaa ogeessonni mana sirreessaa fi abbootiin seeraa ni ibsu.[132] Ogeessota bargaaffii deebisan keessaa 81.8% kan ta'an sirreeffamtootni korooraan erga bahaniin booda badii yoo raawwatan sababa koroora duraatiif jedhamee carraan to'atamuu isaanii gadaanaa akka ta'e ni ibsu.

Hordoffii sirreeffamtoota dhiifamaan bahanii ilaalchisees, hoggantootni miseensa koree calallii godinaa ta'anii fi afgaaffiin waliin gaggeeffame sirreeffamaan erga dhiifamaan gadhiifamee booda haal-duree teechifame eeguu fi dhiisuu qaamni hordofu akka hin jirre ibsaniiru.[133] Sababoonni hanqina hordoffiif ka'uumsaa ta'anis koreen dhiifamaa yeroodhuma dhiifama calaluuf barbaachise qofa kan wal gahu ta'uu fi xiyyeefannoo fi hanqinni humna namaa rakkoo ta'uu dha.[134] Hordoffiin waan hin gaggeeffamneef haga ammaas sirreeffamaan haalduree dhiifamaa cabse jedhamee mana sirreessaatti deebifame akka hin jirre hubachiisaniiru.[135] Sirrefamtootni dhiifamaan ba'anii yeroo yaalii keessatti yakka dalaganis ni jiru.[136] Haa ta'u malee sirreeffamtootni kunneen yakka lammataaf akka itti gaafataman gochuun ala

---

Taarikuu Filaa, Abbaa seeraa MMO Godina Gujii waliin gaafa 22/05/10 fi Ob. Mallasaa Abrahaam, Abbaa seeraa fi Gaggeessaa Garee Yakkaa MMO Godina Baalee waliin gaafa 29/05/10 taasifame.

[131] Afgaaffii Ob. Sisaay Mul'ataa, Abbaa seeraa MMO Godinaa Gujii waliin gaafa guyyaa 22/05/10 taasifame.

[132] Afgaaffii Ob. Mokonnin Raggaasaa Pireezidaantii MMO Go/Baalee waliin gaafa guyyaa , Ob. Aliyyii Muhammad Abbaa seera MMO Go/Har/Lixaa waliin gaafa guyyaa 02/05/10, I/A/Insp. Mashutee Ab/Ad/Sirreessa Sirrefamaa, Mana Sirreessaa Godina Baalee waliin taasifame.

[133] Afgaaffii Ob. Pheexiroos, Hoogganaa Waajjira Haqaa Godina Sh/Lixaa; Ob. Laggasaa Kabbadaa A/Alangaa Godina Shawaa Lixaa; Kom. Takluu Lataa, Hooggana Mana Sirreessaa Godina Sh/Lixaa. I/A/Kom. Geetaachoo G/Giyoorgis, Hoogganaa Mana Sirreessaa Go/Sh/Ki/Lixaa waliin ta'e.

[134] Afgaaffii G/Saj.Muhaammad Jundii, Itti Gaafatama Waardiyyaa Mana Sirreessaa Godina Harargee Lixaa waliin gaafa guyyaa 01/05/10 taasifame.

[135] Afgaafii Sirreeffamtoota Mana Sirreessaa Go/W/Lixaa yakka ajjechaa sirreefamaa dhiifamaan bahe irratti raawwachuun himatamanii itti murtaa'e waliin gaafa 7/5/2010 godhame;Afgaaffii Inspeektar Urgee Abarraa, Qindeessaa Tajaajila Poolisii Hawwasummaa Aanaa Amboo waliin afgaafii gaafa 03/5/2010 gaggeefame, Ob. Geetuu Margaa, Abbaa alangaa Aanaa Najjoo waliin gaafa guyyaa 05/05/10 taasifame.

[136] Afgaaffii Ob. Geetuu Margaa, Abbaa alangaa Aanaa Najjoo waliin gaafa 05/05/2010; A I/Saj.Ascannaaqii Alammayyoo, I/Saj.Gumaa Abdiisaa, Ogeessota Mana sirreessaa Godina Wallaggaa Lixaa waliin gaafa 7/5/2010 taasifame.

haalli dhiifamni isaanii haqamee mana sirreessaatti itti deebi'an akka hin jirre ogeessotni kunneen ni kaasu.[137] Sirreeffamtootni dhiifamaan mana sireessaatii bahanii osoo yeroo yaalii hin xumuriin yakka biraa raawwatan yookiin isaan irratti yakki raawwatame akka jiran galmee irraa hubachuunis ni danda'ama.[138]

Daataa kanneen irraa sirni namootni korooraa fi dhiifamaan yoo bahan itti hordofaman akka hin jirre ni hubatama. Kanaafis, sirreeffamtootni korooraa fi dhiifamaan bahanii yeroo yaalii keessatti yakka biraa yeroo raawwatan yookiin yeroo irratti raawwatamu mul'ataa jira. Rakkoo kanaaf ka'uumsa kan ta'e sirna hordoffii sirreeffamtootaa korooraan bahanii irratti tumaalee seera yakkaa hojiirra oolchuu dhabuu dha. Sirna sirreeffamtoota dhiifamaan bahanii immoo diriirsuu dhabuunis madda rakkooti. Qajeelfamichi koreen calallii godinaa namoota dhiifamaan bahan gara poolisii fi bulchiinsaa fi nageenyaatiin akkamiin akka hordofu adeemsaa fi hariiroo hojii isaanii hin ibsine. Gama biraan hordoffii namoota dhiifamaan bahanii keessatti hirmaannaan hawaasaa fi dhaabbilee hawaasaa hin mul'atu. Hawaasa Oromoo keessatti nama yakka raawwatee fi miidhamtoota walitti araarsuun nageenya buusuu keessatti jaarsolii fi Abbootiin Gadaa gahee guddaa taphatu. Sirna aadaa hawaasaa kanatti fayyadamuun, qajeeltoowwan raawwii tarkaanfilee hidhaan alaa keessatti hawaasaa hirmaachisuu fi giddu lixummaa qaama nageenyaa xiqqeessuu kanneen jedhan hojiirra oolchuun bu'a qabeessummaa hordoffii dabaluuf fayyada. Sirna aadaa ummataa kana sirna ammayyaa waliin qindeessuun faayidaa uummataaf oolchuu dhabuun hanqina dha.

## 4. YAADOTA GUDUUNFAA FI FURMAATAA

### 4.1.YAADOTA FURMAATAA

Fooyya'iinsa amala sirreeffamaa haala saayinsawaa, walfakkaataa (objective) fi iftoomina qabuun madaaluu irratti manneen sirreessaa keessatti hanqina guddaatu mul'ata. Qabxiin fooyya'iinsa amalaa agarsiisu haala iftoomina

[137]Afgaaffii Ob. Mukataar Sharafuddiin, A/Alangaa Go/Jimmaa waliin taasifame.

[138] Fakeenyaaf sirreeffamaan Daggafaa Baalchaa jedhamu yakka raawwateen, MMO Go/W/Lixaa L.G16964 irratti hidhaa cimaa waggaa 7 gaafa 11/08/2003 adabee gaafa 28/7/2007 immoo dhiifamni godhameefii erga bahe booda gaafa 29/02/2008 yakka biraa raawwachuun adabame, Faqqadaa Taayyee L/G/M/S 887/1376 – yakka ajjeechaa raawwate irra dhiifamaan bahee yeroo waggaa hin guutne keessatti nama biraa irratti yakka ajjeechaa raawwatee adabameera.

qabuu fi fooyya'iinsa amala sirreeffamaa ibsuun kennamaa hin jiru. Ragaalee haaromsa sirreeffamaa waliin hidhata qaban haala sirnaawaa ta'een qabachuu irratti hanqina guddaatu jira.

Kenniinsa dhiifamaa keessatti labsii fi qajeelfamni hanqina iftoominaa fi wal simannaa qabu. Yakkootaa fi sirreeffamtoota dhiifamni hin ilaallannee ibsuu irratti qajeelfamni boordiin bahan hanqina iftoominaa qabu. Akkataan yakkootnii fi sirreeffamtoota dhiifamni hin kennamneef itti hambifaman qorannoo irratti kan hundaa'es miti. Qaamoleen gaaffii dhiifamaa simachuun calallii gaggeessan bu'uura labsiitiin hundaa'anii tajaajila idilaa'aa ta'e kennuu irratti hanqina guddaatu mul'ata. Sadarkaa naannootti boordiin dhiifamaa waajjiraa fi hojjettoota hojii kanaaf barbaachisan haala guuttateen hin gurmoofne. Sadarkaa godinaatti hojimaatni koree dhiifamaa hundeessuu fi hojii gaaffilee dhiifamaa qoratu labsii waliin kan wal simu miti. Gaaffilee dhiifamaa umurii, dhukkuba, ragaa sobaa fi kkf bu'ureeffachuun haala addaatiin dhiyaataniif deebiin gahaan kennamaa hin jiru. Kana irraa kan ka'e iyyannoo dhiifamaaf tajaajila si'ataa kennuu irratti hanqinni jira.

Iyyannoo korooraa simatanii ajaja kennuu irratti mana murtii bira hojimaatni garaagarummaa qabu ni mul'ata. Ajaja kennuu keessattis ulaagaalee seera yakkaa kwt 202 jalatti ibsaman, kanneen akka adabbii murtaa'e keessaa 2/3[ffaa] raawwachuu, beenyaa kanfaluu yookiin araaramuu, fooyya'iinsa amalaa fi kkf hojiirra oolchuu irratti hanqina guddaatu jira. Rakkoon kun, hanqina qulqullina murtii adabbii keessatti mul'atu; sirreeffamaan korooraan gadhiifamuun dura sirni miidhamtoota waliin walitti dhufuun araaraman yookiin dhimma beenyaa itti xumuratan dhabamuu; fi kenniinsa korooraaf xiyyeeffannaa kennuu dhabuu irraa kan maddu dha. Akkaata namoonni irra deebiin yakka raawwatanii fi yakka daddabalamaa raawwatan akkasumas adabbiin hidhaa fi maallaqaa wal faana yoo itti murtaa'e korooraan gadhiifaman irratti hanqinni hubannoo ogeessota biratti ni mul'ata.

Sirreeffamtootni naannoo biraa irraa jijjirraan gara manneen sirreessaa Oromiyaa dhufan tajaajila korooraa fi dhiifamaa argachuu irratti haala addaan rakkoon isaan qunnamaa jira. Kunis, yommuu simataman ragaa guutuu waliin simatamuu dhabuu; fi iyyannoo isaanii qaamolee dhimmi isaa ilaallatuuf dhiyeeffachuuf rakkoo dhaqqabummaa irraa kan ka'e dha. Tajaajilli kennamus wal fakkaataa ta'uu dhabuun ni mul'ata.

Ogeessota calallii korooraa fi dhiifamaa raawwatan bira rakkoon naamusaa kanneen akka, faayidaa fi walitti dhufeenyaan hojjechuu, hojii calallii qulqullinaan hojjechuu dhabuu fi tajaajila si'ataa ta'e sirreeffamaaf kennuu dhabuu ni mul'ata. Komii kenniinsa korooraa fi dhiifamaa keessatti mul'atan hiikuuf mana sirreessaa keessatti sirni diriire hin jiru.

Namoota korooraan fi dhiifamaan gad-lakkifaman irratti hordoffiin gaggeeffamaa hin jiru. Qaamoleen mootummaa fi miti-mootummaa hordoffii irratti qooda isaanii bahaa hin jirani. Hordoffiin dhabamuu irraa kan ka'e namootni dhiifamaa fi korooraan ba'an yommuu irra deebiin yakka raawwatan yookiin yakki isaan irratti raawwatu ni mul'ata. Irra deebiin to'achuu fi adabbii akka raawwatu gochuunis hin mul'atu. Hordoffii dhiifamaa ilaalchisee tumaan qajeelfamichaa mataa isaatiin rakkoo iftoominaa qaba.

## 4.2.YAADOTA FURMAATAA

Argannoowwan qorannoo kana irratti hundaa'uun yaadotni furmaataa itti aanan akeekamaniiru.

Fooyya'iinsi amala sirreeffamaa haala wal-fakkaataa fi iftoomina qabuun madaalamuuf, sirna madaallii saayinsaawaa fi ifa ta'e diriirsuun barbaachisaa dha. Sirna qabannaa ragaa sirreeffamtootaa fooyyessuu fi ammayyeessuunis mana sirreessaa irraa ni eegama.

Boordiin dhiifamaa yakkoota yookiin sirreeffamtoota dhiifamni hin taasifamneef qajeelfamaan murteessuun dura qorannoo kanaaf isa gargaaru taasisuu qaba. Dhimmichis caffee yookiin mana maree bulchiinsa mootummaa naannootiin akka murtaa'u gochuun barbaachisaa dha. Akka filannootti, qajeelfama boordiin qophaa'u pirezidaantiin akka mirkaneessu gochuun ni danda'ama. Qajeelfamni boordichaan bahu, iftoomina adeemsa kenniinsa dhiifamaaf kan gargaaru malee aangoo pirezidaantii daangessuuf akka hin taanetti hubatamuus qaba.

Sirreeffamaan gaaffii dhiifamaa yeroo fi haala mijatuun akka dhiyeeffatuu fi deebii argachuu danda'utti qaamolee gaaffii dhiifamaa simatanii fi calalan tajaajila idilaa'aa akka kennan gochuun hundeessuun waajjira Pirezidaantii fi Boordii dhiifamaa sadarkaa naannootti hundeeffame irraa eegama. Gaaffilee dhiifamaa kanneen akka umurii, dhukkubaa fi ragaa sobaa irraa ka'uun

dhiyaatan hundaafuu deebii kennuun akkataa danda'amu irratti hojimaatni akka diriiru manni sirreessaa Biiroo Haqaa fi boordii dhiifamaa waliin ta'uun hojjechuun irraa eegama.

Manneen murtii, murtii fi ajaja adabbii yommuu kennan ragaawwan jiran hunda qulqulleessuun guyyaa adabbiin sirreeffamaa irraa eegalu haala iftoomina qabuun ibsuutu irraa eegama. Mana murtiis ta'e manni sirreessaa hojii kenniinsa korooraaf xiyyeeffannoon hojjachuu qabu.

Manni sirreessaa qaamolee nageenyaa, abbootii gadaa fi jaarsolee naannoo waliin ta'uun akkaataa sirreeffamaan korooraan osoo hin gadhiifamin dura miidhamaa waliin araaramee nageenyaan jiraatu ilaalchisee sirna barbaachisu diriirsuutu irraa eegama.

Inistitiiyuutiin Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa dhimmoota kenniinsa korooraa sirreeffamtoota deddebi'oo fi yakka dachaa raawwatan akkasumas namoota adabbi hidhaan dabalataa mallaqaan adabaman ilaalchisee ogeessota mana sirreessaa fi abootii seeraaf leenjii yoo kenne rakkoo hojimaataa fi hubannoo furuun ni danda'ama. Dabalataan Inistitiyuutichi akkaataa madaalliin fooyya'iinsa amala sirreeffamaa irratti qajeelfama fooyya'uu qabu irratti mana sirreessaa ogummaan deeggaruu qaba.

Hanqina kenniinsa dhiifama sirreeffamtoota jjijjiirraan dhufanii furuuf, mootummaan naannoo Oromiyaa aangoo sirreeffamtoota kanneeniif dhiifama gochuu gara bakka bu'iinsaatiin yookiin seeraan akka qabaatuuf mootummoolee naannolee fi federaalaa waliin mari'atanii sirreessuun irraa eegama. Manneen sirreessaa sirreeffamaa yommuu simatan ragaa haaromsaaf oolu hunda qulqulleessanii simaachuun irraa eeggama.

Rakkoo hanqina naamusaa furuuf, manni Sirreessaa sirna kenniinsa tajaajilaa iftoomina qabu (keessattuu qabiinsa ragaa fi sirreeffamtoota hirmaachisuu irratti) fi itti gaafatamummaa mirkaneessuu danda'u hundeessuun tajaajila si'ataa fi qulqulluu ta'e kennuu qaba. Sirna naamusa ogeessotaa fi sirna komii sirreeffamtootaa hundeessuu fi kanneen jiranis hojiirra oolchutu irraa eegama.

Akkataa hordoffiin namoota dhiifamaa fi korooraan gadhiifaman itti gaggeefamu irratti sirna cimaa aadaa fi duudhaa hawaasaa bu'ureeffatee fi hirmaachisu hundeessuun barbaachisaa dha. Koroora ilaalchisee manneen murtii tumaalee seera yakkaa keessatti teechifaman hojiitti hiikuu qabu.

Rakkoo hordoffii sirreeffamtoota dhiifamaan bahanii ilaalchisee caffeen labsii dhiifamaa lakk.114/98 yookiin boordiin qajeelfama amma jiru haala qajeeltoo

kanneen haammateen fooyyessuun furmaata ta'a.